



Abbaa Gadaa Jaarsoo Dhugoo



Abbaa Gadaa Eebbisaa Badhaanee



Abbaa Muudaa Booranaa Hagar



Siyaasni Oromoo waldhiibuurraa gara mariifi marabbaatti tarkaanfachuu qaba

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Biyya keenyatti fooyya'iinsi jiraachuun haalamuu baatus jijjiirama duras ta'e jijjiirama booda rakkoon nageenyaa akkuma rakkoo ta'etti ittifufeera. Nageenyi guddunfaa waa maraa ta'uu kan hubate mootummaan Itoophiyaa rakkoollee buleeyyii hundeerraa furuuf hanga Komishinii Marii Biyyalessaa hundeessuutti kutannoo qabu

argisiiseera.

Keessumaa erga rakkoon mootummaa federaalaafi ABUT gidduu ture mariidhaan goolabamee as rakkoo ABO Shaneen uumaa jiru mariin furuuf hanga Taanzaaniyaatti daandii fagoo imaleera. Gaazexaan Bariisaas dhimma nageenya waareessurratti yaadaafi gorsa Abbootii Gadaa haala armaan gadiin dhiyeesseera.

Abbaan Gadaa Gujii Jaarsoo Dhugoo akka jedhanitti, sirmi Gadaa sirna nagaa, jaalalaafi araaraa ta'us qabatamaan wanti Oromoo gidduutti mul'atu dubbachuuf nama qaanessa. Osoo kan biyya bulchaa jiru Oromoo ta'ee jiruu waldhiibuufi walmicciiruun akkuma Sirna Gadaattuu aadmale. Oromoon rakkoo jirtu bu'uura Sirna Gadaatiin gad taa'ee mari'achuu qaba. Oromoo saba bal'aafi

Gara fuula 14tti



Taayyee Atsqasillaasee pirezidaantii RFDI 5ffaa

Charinnat Hundeessaatiin

Finfinnee: Wiixata darbe, Fulbaana 27 bara 2017 yaa'iisaanii waloo kan adeemsifatan Manneen Marii Bakka Bu'oota ummataafi Federeeshinii Ministira Dhimma Alaa kan turan Ambaasaaddar Taayyee Astqasillaasee pirezidaantii Mootummaa RFDI taasisuun muudaniiru.

Pirezidaanti Taayyeen dhorkannaa sagalee shaniin sagalee caalmaadhaan kan muudaman yoo ta'u, pirezidaantiin duraan RFDI Kabajamoo Saahilawarqi Zawudee

Gara fuula 14tti

Irreechi baranaa waan baay'eedhaan haala ajaa'ibaatiin kabajame

Saamraawit Girmaatiin

Finfinnee: Irreechi baranaa Fulbaana 25 Hora Finfinnee, Fulbaana 26 ammoo Hora Harsadeetti kabajame hirmaannaa ummataa, simannaa keessummootaa uwwisa miidiyaa, naamusaafi wantoota garagaraatiin haala ajaa'ibsiisaa ta'een saboota adda addaa hirmaachisuun kabajamuu Biiron Aadaafi Turizimii Oromiyaa ibse.

Hogganaa Ittaanaan biirichaa Obbo Hundee Kabbadaa yaada dheengadda Gaazexaa Bariisaaf kennaniin akka jedhanitti, Ayyaanni

Gara fuula 14tti



"Xiyyeeffannaa argachuu baannaan yakki saayibarii bara 2027tti kisaaraa doolaara tiriiliyoona 23.38 qaqqabsiisuu danda'a"

- Aadde Tigisti Hamiid

Waasihun Takileetiin

Finfinnee: Baatiin Nageenya saayibarii yakka dijitaalaa saayibariin dhaabbilee garagaraarra qaqqabu maqsuuf kaayyeffate sadarkaa addunyaatti yeroo 21ffaaf, akka Itoophiyaatti ammoo yeroo 5ffaaf Godanbaa Saayinsiitti kabajamaa jira.

Yakki teknoloji dijitaalatiin deeggaree dhaabbilee garagaraarra qaqqabu aaddunyaa gatii olaanaa kaffalchiisaa

jiraachuu Daarektarii Olaantuun Bulchiinsa Nageenya Marsariitii Odeeffannoo Aadde Tigisti Hamiid haasaa saaqinsaa kaleessa taasisaniin akka jedhanitti, haleellaan saayibarii bara 2027tti kisaaraa doolaara tiriiliyoona 23.38 qaqqabsiisuu danda'a.

Kasaaraan qaqqabu kunis dhaabbileefi bu'uuraalee misoomaa mootummaafi dhuunfaa garagaraa kan hubuufi dinagdee biyyaallee kan qoru ta'uu ibsaniiru. Bara 2016 keessa Itoophiyaatti haleellaan

saayibarii qaqqabe 8,854 yoo ta'u, hordoffii walirraa hincinneefi teknolojiin deeggareen qolachuun danda'amuu ibsaniiru.

Haleellaan saayibarii farra dinagdee hawaasummaafi siyaasa biyyootaa ta'uus daarikarittiin eeranii, dhababileen mootummaas ta'an mitmootummaa walta'anii hojjechuun fala murteessaa ta'uu

Gara fuula 14tti

ODUU

“Sirni bulchiinsa caasaa gandaa dhiyeenya diriire qisaasama hedduu nu oolcheera”

- Qonnaan bultoota


Waaqshuum Fiqaduutiin

Finfinnee: Sirna bulchiinsa caasaa gandaa Oromiyaan dhiyeenya kana diriire qisaasama hedduu isaan oolchuu qonnaan bultoonni Gaazexaa Bariisaaf tibana yaada kennan ibsan.

Rakkoo furachuufis ta'e ol iyyannoof deddeebiin gara godinaatti taasifamaa ture rakkoo bulchiinsa gaarii hamaa dhaluu bira darbee qisaasama yeroo, maallaqaafi humnaaf sababa guddaa tureera. Ummatni bal'aan ganda jiraata, hojiileen hedduus ganda keessatti hojjetama. Haa ta'u malee, qonnaan bulaan dhimmasaa raawwachiifachuuf maallaqaafi yeroosaa qisaasessuun kan ittideddeebi'u godina.

Haala nageenyaatiin walqabatees daandii dheeraa imalanii godinaafi ganda jidduu marmaruun gaaga'ama qabaachaa tureera. Ammaan tana garuu mootummaan ulfaatina hojiifi rakkoo hawaasaa hubatee caasaa gandaa guutuu Oromiyaatti hojiirra oolcheera. Gaazexaan Bariisaas sirni bulchiinsa caasaa gandaa bu'aa akkamii akka qabu qonnaan bultoota haasofsiiseera.

Obbo Bulaan Bariisoo Qonnaan bulaan Godina Shawaa Bahaa, Aanaa Dugdaa yommuu ta'an qajeelfamni caasaa gandaa gad bu'uufi hubannoonis qonnaan bultootaaf kennamuu himanii; rakkoo deddeebii godinatti taasifamuufi bulchiinsa gaariin walqabatu



Obbo Bulaan Bariisoo

furuurratti akka carraa addaatti kan ilaalamuudha. Kanaan dura wayita dhimmaaf gara godinaatti deddeebi'aa turan maallaqaafi yeroo qisaasessuu qofa osoo hintaane haqni barbaadamullee walbeekumsaafi maallaqaan kennamaa turuu yaadachiisaniiru.

Garuu jedhu Obbo Bulaan, karoora mootummaan gad buuse gaarii ta'us bu'aqabeessummaansaa kan mul'atu yoo kutannoon hoggansaa jiraateefi malaammaltummaan hunderraa goge qofa. Qonnaan bulaanis ta'e hawaasni sadarkaan jiru dhiyeenyarratti ganduma jiraattutti tajaajila si'ataa argachuun hafee yoo kan deddeebi'u ta'e caasaan gandaa




Obbo Daanyee Waaqtolaas

diriiruu qofti bu'aa waan hinqabneef sirni ittigaafatamummaa jabaan diriiruu akka qabus dhaamaniiru.

Qonnaan bulaan aanichaa biraan Obbo Daanyee Waaqtolaas akka jedhanitti, sirna bulchiinsa caasaa gandaarratti hubannoon kennameera. Caasaan diriire harkaqaal'eeyyiif carraa guddaadha. Kanaan dura beellamni dheerachuurraa kan ka'e qonnaan bulaan hedduutu haqa dhabe. Amma garuu hojii ofii hojjetachaa haqa qe'ee ofiirratti argachuun daran nama gammachiisa.

Obbo Naggasaa Beenya Qonnaan Bulaan Aanaa Liiban Cuqqaalaa yoo ta'an,



Obbo Naggasaa Beenya

sirni bulchiinsa caasaa gandaa ammatti qabatamaan hojiirra ooluu baatus hubannoon kennameefin daran hawwataafi abdachiisaa ta'uu ibsaniiru. Kanaan dura kan aanaa deemee dhimmasaa xumurate isa humnaafi maallaqa qabu ta'us amma garuu hojii ofii hojjetachaa dhimma ofii ganduma ofiitti xumurachuurra wanti nama gammachiisu akka hinjirre dubbataniiru.

Haa ta'u malee, rakkoo nageenyaatiin walqabatee caasaan mootummaas ta'e qonnaan bulaan hojiirra oolmaa karoora gad bu'uu akka hintumsine qaamni seeraan hidhatee bosana keessa socho'u dhiibbaa taasisaa jiraachuus qeeqaniiru.

Oromiyaatti holqawwan 389 adda baafamuun hawwata tuurizimiif misoomaa jiru

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Oromiyaatti holqawwan daawwannaa tuurizimiitiif oolan 389 baafamuun misoomaa jiraachuu Biirron Aadaafi Turizimii Oromiyaa beeksise.

Biirichatti Daarektarii Misoomafi Piromooshinii Turizimii Obbo Faantaahun Taaddasaa torbee darbe Gaazexaa Bariisaaf akka ibsanitti, Oromiyaan qabeenya tuurizimii lakkaa'amee hindhumne qabaattus hanga ammaatti damicharraa galii argachuu maltu argachaa hin turre.

Haata'u malee, mootummaa jijjiiramaa booda xiyyeeffannoo damee turizimiif kennameen bakkewwan hawwata turizimiif oolan baal'inaan misoomsuun galiin argamus yeroodhaa gara yerootti akka dabaluu taasifameera.

Oromiyaa Bahaatiin holqawwan hedduun kan jiran ta'uu himanii; Ogeessota biyya keessaafi alaarraa deeggarsaan dhufaniin hojiin qorannoo holqawwan kunneenii hojjetamaa akka jiru dubbataniiru.

Harargee Bahaa Aanaa Malkaa Bal'ootti kan argamu Holqa Naasiroo akka fakkeenyaatti kaasuun, hojiin qorannoo holqichaa hanga meetira 500 qoratamee kan dhume ta'uu ibsuun; naannawaa holqichaatti bu'uraaleen misoomaa barbaachisaan hirmaannaa uummataatiin hojjetamaa akka jiru ibsaniiru.



Holqawwan misoomaa jiran keessaa

Gama Ikoo turizimiitiin murtoo pirezidaantiin naannichaa murteessaniin bakkewwan ikooturizimii 18 misoomaa kan jiran ta'uu himanii; hojiin misooma bakkewwan kunneenii irra caalaatti xumuuramaa akka jirus yaadachiisaniiru.

Akka Obbo Faantaahunitti, biirichi iddoowwan hawwata turizimii haaraa babal'isuuf inisheetivii babal'ina hawwata turizimii bocuun hojjechuurratti argama. Inisheetivii kanaan aanaa tokko yoo xiqqaate bakka hawwata turizimii tokko qabaachuu qaba. Kanaaf bara baajataa 2017rraa egalee aanaaleen naannichaa 317 iddoowwan hawwata turizimii 317 misoomsuun turizimiidhaaf banaa akka taasisanif karoofameera.

Haaluma walfakkaatuun Kibbi Lixa naannawichaa qabeenya bosonaafi buna waan qabuuf turizimii bosonaafi bunaarratti

Gara fuula 12tti

Hantuunni dhibee 'TB' sakatta'u Itoophiyaatti tajaajila kenna jira

Waaqshuum Takileetiin

Finfinnee: Hantuunni gatiyabeessa yuuroon hedduu itti baasii ta'e tajaajila qorannoo saayinsaawaa fayyaan walqabatu garagaraaf oolu kun Inistiitiyuutii Armaawar Hansan (Hospitaala Alarti)tti kan argamuudha.

Hantuunni kun ulfaatina kiiloo 1.5 kan qabu yoo ta'u, Dhaabbata Beeljiyeem Appoopoo jedhamurraa kennaan kan argame ta'uu Inistiitiyuutii Armaawar Hansanitti Qindeessaan Qorannaa TB Hantuuta Appoopoon Deeggaramee kan ta'an Obbo Nugusee Bayyanaati.

Obbo Nuguseen ibsa addatti Gaazexaa Bariisaaf laataniin hantuutoni Appoopoo gatiinis ta'e hojii hojjetaniin qaaliidha jedhu.

Dhaabbanni Appoopoo jedhamu kun hantuutota sanyiinsaaniin kiriseetoomis jedhaman leenjisuun hojiitti kan bobbaasu yoo ta'u; sanyiin hantuutota kanaa Keeniyaa Kibbaarraa hanga Afrikaa Kibbaatti kan argaman akka ta'ellee Qindeessichi nidubbatu.

Akka ibsasaaniitti, hantuutoni kunniin umrii ganna saddeet kan jiraatan yoo ta'u; ji'oota sagaliif Taanzaaniyaatti leenjii barbaachisu fudhachuun tajaajilaa qorannaa saayinsaawaa garagaraatiif hojiitti bobba'u.

Akaakuuwwan hantuutaa kunniin yoo namoonni balaa kirkira lafaatiin lafti irratti



jige foolii dhahuun bakka namni awwaalame adda baasuuf ga'umsa guddaa qabu jedhu.

Biyyoota gara garaatti dhootuu awwaalame sakattaa'uumis ga'umsa olaanaa qabu jedhanii; ulfaatinnisaanii kiiloo giraama 1.5 waan ta'eef fanjiin awwaalame osoo hindhoohiin eessa akka jiru fuunfataniin eeruu akka kennan ibsaniiru.

Itoophiyaatti garuu yeroo ammaa dhibee TB sakatta'uuf kan bobbahan yoo ta'u; namni tokko dhibicha qabamoo hinqabu isa jedhuuf sumuuda hancufaa qofa fuunfachuun adda baasu.

Qorannaa gama kanaan gaggeeffamu ilaalchisee hancufa ykn gorora nama shakkamaa fudhachuun yoo hantuuta kana jala kaa'an qeensaun irra deddeebiin haadhuun dhibichi jiraachuu agarsiisa.

Sumuuda gororaa fudhatame keessa yoo

Gara fuula 12tti

Riifoormii taasifameen fedhiin invastaroota biyya alaa dabalaa jira

Saamraawit Girmaatiin

Duukam: Riifoormii damee investantiiratti taasifameen fedhiin invastaroota biyya alaa dabalaa jiraachuu Komishiniin Investimantii Itoophiyaa beeksise.

Bara bajataa 2017, kurmaana tokkoffaatti abbootiin qabeenyaa 72 gaaffii investimantii dhiheessuus ibse. Komishinichi kaleessa Paarkii Indastirii Iistarnii gaazexeessitoota daawwachiiseera.

Komishinari Ittaanaan komishinichaa Doktor Zallaqaa Tasfaayee daawwannicharratti ibsa kennaniin akka jedhanitti, paarkichi abbootii qabeenyaa Chaayinaatiin kan ijaarameefi wayita ammaa abbootiin qabeenyaa 153 dameewwan hojii huccuu, aluminiyeemii, seeraamikiifi kanneen biroorratti bobba'aniiru. Kanneen keessaas %95 abbootii qabeenyaa Chaayinaati.

Akka waliigalaatti Itoophiyaa keessa abbootiin qabeenyaa Chaayinaa kuma sadiifi 309 kan jiran yoo ta'u, kanaanis kaappitaala Doolaaraa biliyoonaa 8.5 sochoosaa jiru. Lammiilee kuma 325 oliifs carraa hojii dhaabiifi yeroo argamsiisaniiru.

Fooyyessi dinagdee gooroo taasifame baay'ina invastaroota dabaluuratti bu'aa jajjabeessaa fidaa jiraachuu himanii, kurmaana jalqabaa bara bajataa 2017 qofatti gaaffileen investimantii 72 dhihaachuufi kunis kan bardheengaddaa yeroo walfakkaataa wajjin oggaa walbira qabamu caalmaa %12 qabaachuu dubbatu.

Mootummaan abbootii qabeenyaa baay'inaan simataa kan jiruuf damee alergii omisha



biyya keessaatiin bakka buusuuf, carraa hojii bal'aa uumuuf, ce'umsa beekumsa, teknolojiifi muuxannoo dhugoomsuuf akkasumas walitti hidhamiinsa gabaa uumuuf ta'uu dubbatanii, kanaafis haalonna mijatoon uumamaa jiraachuu Doktor Zallaqaan ibsu.

Itoophiyaan, Afrikaa Bahaa keessaa bakka walgeettii investimantii ishee duraa ta'aa jiraachuu himanii, ta'us qabeenya kuufamaa biyyattiin qabdu waliin yommuu ilaalamu gahaa akka hintaane eeraniiru.

Komishinari Ittaanaan komishinichaa Obbo Daagatoo Kumbec akka jedhanitti haaloota mijatoo mootummaan investimantiif uumaa jiruun fedhii dabalaa jiraachuu eeranii, ji'oota, sadan darbaniitti abbootiin qabeenyaa 72 gaaffii

kan dhiheessan yoo ta'u, kanneen keessaa 22 pirooppoozaalasaanii dhiheessanii 12 fudhatama argachuu dubbatu.

Abbootii qabeenyaa paarkichatti hojjetaa jiran keessaa Gaggeessaan Hojii Gaarmantii Liindee Itoophiyaa Mistar 'Ge Yifan' akka jedhanitti; dhaabbannisaanii ALA bara 2013 kan hundaa'e yoo ta'u, namoota kuma tokkoo oliif carraa hojii uumeera. Omisha dhaabbatachaa gabaa addunyaaf dhiheessaa kan turan yoo tahu, wayita ammaa omishasaanii guutummaatti biyya keessaaf dhiheessaa jiru.

Deeggarsi gama mootummaatiin taasifamufis gaarii ta'uu kaasanii, hanqinni sharafa alaa dhiheessiin galteewwanii furamaa jiraatus ammallee xiyyeeffannaa akka barbaadu ibsu.

Irreechi naannolee ittikabajamutti hariiroofi walamantaa sabootaa cimsaa jira

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Ayyaanni Irreechaa naannolee ittikabajamutti hariiroo, tokkummaafi walamantaa sabootaafi sablammoota gidduutti cimsaa jiraachuu Waajjirri Nageenyaafi Misooma Waloo Oromiyaa, Gaambeellaafi Beenishaangul Gumuz beeksise.

Hora Finfinneefi Harsadeetti aanee Irreechi malkaa Asoosaafi malkaa Baarootti boru, Onkololessa 3fi 10 bara 2017 mataduree "Irreechi calaqqee tokkumaafi nagaati" jedhuun akka kabajamu ibsameera.

Ittigaafatamaan waajjirichaa, Obbo Firoomsaa Solomoon ayyaana Irreecha naannolee kanneenitti kabajamu ilaalchisuudhaan ibsa Kibxata darbe gaazexaa Bariisaaf kennaniin, ayyaanichi naannolee ittikabajamutti saba, sablammootaafi ummata Oromoo gidduutti walamantaafi tokkummaa cimsaa bara 2014 irraa eegalee kabajamaa jira.

Akka ibsasaaniitti, jijjiirama dura Oromoon naannolee biraa keessa jiraatu ayyaana Irreechaa malkaa bu'ee ayyaanefachuun hafee tamsaasa karaa foddoo televiishinii darbu qofa hordofaa ture. Har'a garuu Oromiyaafi naannolee ollaa Oromoon keessa jiraattutti sabootaafi sablammoota waliin ta'uun ayyaana Irreechaa ayyaanefachaa jira.

Ayyaanni Irreechaa wayita kabajamu hundumtuu aadaa qabuun faayamee waan aragamaniif kan naannolee ollaatti geggeffamu adda taasisa. Haaluma kanaan gaafa ayyaanefamu walittidhufeenyaasani cimsuun akka walhubatan taasisaa jira. Naannoo ayyaanichi ittigeggeffamutti uffata aadaa saboota ayyaanichatti hirmaachuuf fedha qabani gabaaf dhiyaatu.

Wantoti nyaatamaniifi dhugaman, tajaajila hoteelaafi geejjibbaa dabalatee gabaarraatti waan dhiyaataniif guddina dinagdee naannichaa keessatti geggeeffamuuf gumaacha olaanaa qaba.

Irreechi turizimii biyya keessaa akka cimsu himanii; namootni miliyoonaatti lakkaa'aman bakka tokkotti walitti qabamanii rakkoo nageenyaa tokko malee wayita ayyaanefamu mul'istuu nageenya naannichaa ta'uun hawwata turizimiiif haala mijaa'aa uuma jedhaniiru.

Dabalataanis, jila naannolee lamaanirraa Irreecha hora Finfinneefi Harsadeerratti hirmaatan Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa walii simachuu eeraniiru. Waamichi jiraattota godinaalee nannolee ollaa daangessaniif waan taasifameef lakkoofsi hirmaattota ayyaana Irreecha baranaa kan bara darbee miliyoona lama caaluuu danda'a jedhaniiru.

Naannoo Gaambeelaatti ittigaafatamaa ittaanaan waajjira qindeessaa walittidhufeenya naannoo Oromiyaa, Gaambeellaafi Beenishaangul Gumuz Obbo Kut Chaam, akkuma Irreechi hora Finfinneefi Harsadee xumurameen Onkololessa 10 bara 2017 malkaa Baarootti kabajama. Milkaa'ina ayyaanichaafis qophiin barbaachisaan taasifamamuu ibsaniiru.

Godinaalee naannoo Oromiyaa naannoo Gaambeelaan daangessan Iluu abbaaboofii Wallaggaa Lixaa waliin kabajuuf waamichi dhiyaachuu himanii; milkaa'ina ayyaanichaaf koreewwan adda adda dhaabbataniiru. Ayyaanichi waliitti dhufeenya sabootaafi sablammoota naannoo Gaambeella jiraniifi ummata Oromoo cimsuun walamantaafi tokkummaan akka cimuu taasisaa jira jedhaniiru.

Fedhiin dhoksaadhaan biyyootni guddatan Afrikaarratti raawwachaa jiran madda walittibu'iinsaa ta'aa jira

Bayyanaa Ibraahimiin

Finfinnee: Rakkoolee shororkeessummaafi walittibu'iinsooni Ardii Afrikaa keessatti mul'atan hedduusaaniitiif maddi biyyoota ardichaan ala jiraniidha.

Dorgommiin biyyootni guddatan tokko tokko fedhii dinagdeefi siyaasasaanii eegsifachuuf Afrikaatti taasisaa turaniifi jiran ardichi walwaraansaafi waldhabdee madda shororkeessummaa ta'eef saaxilamaa jira.

Qabeenya Afrikaafi iddoo gahumsa omishasaanii barbaachaaf dorgommiin dhoksaadhaan biyyootni guddatan tokko tokko Afrikaa keessatti taasisan nageenya ardichaatiif sodaa uumaa jiraachuu Daarektarii Inistitiyuutii Qorannoo Qunnamtii Alaa Itoophiyaa Obbo Jaafar Badruu ni dubbatu.

Rakkoo saaxilammummaa nageenyaa Afrikaarratti waltajjiin Marii Inistitiyuutiim Qorannoo Alaa Itoophiyaafi Giddugala Qorannoo Aljeeziiiraa waliin qopheessan Finfinneetti kaleessarraa kaasee gaggeeffamaa jira.

Afrikaa keessatti dabalaa dhufuun dorgommii biyyoota guddatan tokko tokko gidduutti taasifamu misoomaafi nageenya ardichaatiif sodaa uumuu kan himan Obbo Jaafar, keessumaa dorgommiin qabeenya uumamaa ardichaa to'achuuf taasifamu rakkoolee walittibu'iinsaa hedduuf sababa ta'aa jiraachuu dubbatu.

Dhiibbaawwan gama kanaan biyyootni guddatan fedhii dhuunfaasani kabachiifachuuf taasisan kana dura dhaabachuun kan danda'amu irree Afrikaa tokkoomeen ta'uu eeranii;



Wayita marichi adeemsifametti

haala walxaxaa kana keessatti fedhii Afrikaa kabachiisuuf kaayyoo walfakkaataafi tarkaanfii walfakkaataa Afrikaanota kan barbaachisu ta'uu ibsaniiru.

Guddinni dinagdee Afrikaafi nageenyishee dhiibbaa humnoota alaatiin rakkoo hamaa keessa taruu kan eeran immoo 'IGAD'tti Daarektara Divizhiinii Nageenyaa Komaaddar Abbabaa Mulunaati. Waggoota muraasaa as garuu saaxilammummaan rakkoolee maddisaanii humnoota alaa ta'an kanaa hir'achaa dhufuus ibsaniiru.

Rakkoolee walittibu'iinsawwan Ardii Afrikaatti humnoota alaatiin uumamaa jiran kana to'achuuf gurmiiwwan akka Gamtaa Afrikaa, 'IGAD'fi dhaabbileen kutaalee Afrikaa gara garaatti socho'aa jirani olaanaa ta'uu kan eeran Komaandar Abbabaan, rakkoolee shororkersuummaafi walittibu'iinsa maddisaanii humnoota alaa ta'an guutummaatti



injifachuuf furmaatni tokkummaa Afrikaa beekumsarratti hundaa'eedha jedhaniiru.

Waltajjiin marii saaxilammummaa rakkoolee nageenya Ardicharratti xiyyeeffatu kun hayyoota damichaa Afrikaafi biyyoota baha giddugaleessaarraa walitti bahaniin guyyoota lamaaf gaggeeffama.

Mijuu

BARIISAA SANBATAA Onkoloolessa 2 Bara 2017

**Malkaa Ateetee:
Bakka ulfoo
dhabduunillee dhala
itti argataa turte**

fuula **8**



**Oyiruu 'hinjiruun' irra hinjirre
guyyaatti buuphaa 5000,
aannan liitira 50fi fuduraalee
hedduu gabaaf dhiyeessu**

- *Obbo Sintaayyoo Abarraa*

fuula **6**

**Mootummaan harka
nagaaf diriirse har'as
hindachaasu**



fuula **10**

Ijoo Dubbii

Nageenya waareessuu: Xiyyeeffannoo ijoo baranaa

Gaafa nageenyi jiru akka ardiifi samii bal'ata; gaafa dhabame ammoo akka qaawwa lilmoo dhiphata" jedha Oromoon. Nagaan waantota hundaa ol ta'uu ibsuuf.

Aadaa, duudhaafi Gadaa Oromoo keessattis waantota hunda kan dursu dhimma nagaati. Aadaan, duudhaan, seenessi, durduriin, hiibboofi jilli Oromoo dhimma nagaatiin walqabatu.

Nageenyi nama dhuunfaarraa kaasee hanga biyyaatti bakka guddaa qaba. Oromoon nama beekus ta'e hinbeeknetti oggaa dhufu naga gaafata.

Yoo namni inni naga gaafate naga deebisuufi didellee, 'Abaluun naga gaafannaan naga naa deebisu dide' jedhee dhaqee jaarsatti himata. Gadaan, "Namni naga hinqabne nama kaaniifis naga hinkennu" jedhee waan yaaduuf nama naga gaafannaan naga deebisu didetti korma mura.

Naga oolteefi naga bulteen murtii Waaqaati jedha Oromoon. Nageenyi kun naga ati ofii keetii waliin; naga nama sifakkaatu faana, Uumaa keefi uumama waliin qabduudha. Nama, muka, gaaraafi bishaan waliinis naga qabaachuu qabda.

Oromoon jilaafi Irreecharratti utuu hinhirmaatiin dura waa'ee nagaarratti mari'ata. Wayita ayyaanni Irreechaa kabajamuuf ji'i lamaafi sadii hafu jaarsa qe'eerraa kaasee hanga Abbaa Gadaatti qe'ee qe'eedhaan naga buusaa deema.

Oromoon dursee nageenyisaa akka hinboorofne ni eeggata. Yoo akka tasaa boora'e ammoo sirna Jaarsummaafi Gumaatiin deebisee naga ijaara. Naga uleefi qawweedhaan eegsisuun hindanda'amu. Naga namatu eega. Nagaan yoo naannawaan naga ta'e mirkanaa'a.

Nagaan waan ati Uumaa waliin qabduudha. Nageenyi namoota hiriirsuudhaan kan eegamu miti. Naga keessa manni hidhaa hinjiru. Kanaaf aadaa Oromoo keessa nama nama ajjeeseyyuu dhiqanii qulqulleessanii hawaasatti deebisu.

Oromoon qaamolee waldhaban walitti araarsee garaasaanii walitti fayyisee akka nagaafi jaalalaan waliin jiraatan taasisa. Sirna Gadaa keessatti nageenya hawaasaa kan eeganiifi tiksan Foolleedha. Foolleen harcumme qofaan kan nageenya booreessu, kan jeequufi hatu eega. Hundaa ol Oromoon naga Waaqatu eega jedhee dhugeeffata jedhu hayyuun Afaan, Aadaafi Aartii Oromoo Obbo Leeniin Quuxoo Hamaadoo.

Gama kanaaniin akka pirezidaantiin Mootummaa RFDI, Taayyee Atsqasillaasee jedhanitti, barana naga waaraafi olaantummaa seeraa mirkaneessuun dhimmoota xiyyeeffannaan ijoo kennamaniif keessaa kanneen jalqabaati.

Kana booda dachee Itoophiyaarratti mirgi humna qofagaleessummaan fayyadamuu kan dhaabbilee mootummaa ta'uun mirkaneffamuu qaba. Nageenya lammiilee mirkaneessuun waa hunda dura xiyyeeffannaa addaafi cimaa argachuu qaba. Milkaa'ina kanaatiifis hunduu qoodasaa bahachuu qaba.

Kenna murteessaafi ijoo dhaloota dhufuuf kennamus nagaafi naga ta'uu qaba. Nagaan hawwamu fedhii gama tokkoo qofaan mirkanaa'uu waan hindandeenyeef qaamni seeraan ala hidhatee ummataafi biyya gidiraaf saaxilaa jiru siibila lafa kaa'ee gara nagaatti deebi'uu qaba.

Mootummaanis mariidhaan harkasaa diriirsee, balbalasaa banee gara bal'inaan yeroo kennee hojjetaa waan jiruuf kanatti fayyadamuun daran murteessaadha.

Murnaafi matayyaa duudhaafi safuurraa fagaatee harka nagaaf diriireefi balbala banametti ol seenuu didee ummata gidirsaa jirurratti ummatuma naga waaraa hawwaafi dheebotaa jiru wajjin ta'uun olaantummaa seeraa mirkaneessuun xiyyeeffannoo ijoo baranaa ta'uu qaba.

Murnaafi matayyaa duudhaafi safuurraa fagaatee harka nagaaf diriireefi balbala banametti ol seenuu didee ummata gidirsaa jirurratti ummatuma naga waaraa hawwaafi dheebotaa jiru wajjin ta'uun olaantummaa seeraa mirkaneessuun xiyyeeffannoo ijoo baranaa ta'uu qaba.

Yaada/Ajandaa



Irreecha baranaa: Ayyaana tokkummaafi jaalalli cimaan irraa mul'ate

Taammiruu Raggaasaatiin

Kabajni Irreecha baranaa ayyaana tokkummaa, jaalalli hammattummaafi bareedinni ummata Oromoo dirreerratti daran ittimul'ateedha.

Gaafa jala bultii Ayyaana Hora Finfinnee Qeerroofi Qarreen walkakaasuun uffata aadaatiin faayamanii Oromiyaa kallattiilee afranirraa Finfinneetti imaluun dhiichisaa bulan.

Jala bultii ayyaanichaatti Qeerroofi Qarreen Finfinneefi Magaalaa Shaggar kutaalee hawaasaa garagaraa waliin ta'uun namoota ayyaanicha kabajuuf gara Finfinnee dhufan fuula ifaafi waan qabaniin simataniiru. Hoteelotnis gatii nyaataafi dhugaatii aadaa qopheessuudhaan kabajaafi jaalala saba Oromootiif qaban gochaan agarsiisaniiru.


Simannaan barana hirmaattota ayyaanichaa godinaalee adda addaarraa dhufaniif taasifame Finfinnee lafa Oromoon kaleessa irraa buqqa'e qofa osoo hintaane lafa Oromoon har'a aadaasaa waliin itti kabajamaa jiru ta'uu ifatti kan mul'iseedha.

Irreecha kabajuuf Hora Finfinnee geenyan miira jaalalaafi obbolommaatiin waliin dhiichisuu malee ati eessaa dhufte; amantiin kee maali jedhanii walgaafachuunis hinjiru, achitti hunduu ijoolleedhuma abbaafi haadha tokkoo ta'u.

Nama bareedu dhiiras haa ta'u dubartii waliin suura ka'uufis eeyyama gaafachuun hinjiru. Qeerroofi Qarreen kunneen roobnis yoo roobe, ho'is ta'e qorri yoo cime halkan guutuu sirbi aadaafi ammayyaa isaan sirban addaan hincitu. Gaafa isaan afaan tokkoon sirban weedduufi walaloon sirboota sirbamanii tasuma waan hinjallanneef waanuma leenjiin walfakkaataan kennameef fakkaata. Sirbootni sirbamanis sirba godina kootii miti hinbeeku jechuun hinjiru; bakkichi dirree jaalalaafi waloominaatikaa.

Qeerroofi Qarreen kun uffata aadaatiin faayamanii dhiichisaa gaafa Irreechaa osoo mataan biiftuu hinbahin faana Abbootii Gadaafi Haadhoolii Siinqee hordofuun gara malkaa Irreechaatti imalan. Yoommuu kanas Abbootiin Gadaafi hayyootni Mareewoo jechaa, haawwan Siinqees Faaruu Irreechaa faarsaa gara malkaatti deeman. Akkuma mataan biiftuu baateenis malkan eebba Abbaa Malkaatiin saaqamee sirni irreeffannaa jalqabame.

Daa'imman duudhaa abbootisaanii akka baraniif maatiwwan hedduunis daa'immansaanii ayyaanicharratti akka argaman taasisaniiru. Akkuma "Quncee



jiidhaatti maru" jedhamu ayyaanicharratti argamuun daa'imman kunneenii duudhaa sirna Gadaa dhalootarraa dhalootatti dabarsuuf gahee olaanaa qaba.

Iddoo Oromoon miliyoonaan lakkaa'amu itti walgahe kanatti walkaadhimmatanii turan oggaa qubeellaa gaa'elaa walii godhanis mul'ataniiru.

Saba Oromoo qofa osoo hintaane Irreecha baranaarratti argamuun sabaafi sablamootni adda addaa ayyaanichaafi siimboo addaa kenneera. Saboonniifi sablammoonni kunneen ayyaanicha bareechuu qofa osoo hintaane ofisaanitiifis ayyaana Irreechaa guddaa kanarratti aadaasaanii bakka miidiyaaleen addunyaa hedduun argamanitti addunyaatti beeksifachuuf carraa argataniiru.

Saboonniifi sablamootni ayyaanicharratti argaman kunneen aadaasaanis agarsiifachaa aadaa Oromoo ilaalaa, kabajaafi jaalala saba Oromootiif qabanis kallattiilee garagaraatiin agarsiisuun ayyaanicha kabajaniiru. Finfinneetti misooma koriidariitiin walqabatee iddoowwan bashannanaa hedduun waan hojjetamaniif achitti bashannanaa suura yaadannoo ka'aa ayyaanicha kabajan.

Akkuma sirni kabaja ayyaana Irreecha Hora Finfinnee duudhaasaa eegatee xumurameen hirmaattota ayyaanichaa fageenyarraa dhufaniif qindeessummaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinneetiin erga sirni gaggeessaa taasifamee booda hirmaattotni Irreecha Hora Harsadee kabajuuf gara Bishooftuutti imalan.

Oromoon jijjiirrama siyaasaasaafi guutummaa biyyaatiif mijatu fiduun waggoota 150 booda Finfinneetti deebi'ee Irreecha kabajuufi Aadaasaa Finfinneetti deebifachuu kan danda'e waan tokkoomeefi. Tokkummaan kun gara fuulduraattis cimee ittifufuu qaba.



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii

1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata

Pireesii Itoophiyaa

Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22

Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeessaa

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

chhundessa@yahoo.com

email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

Saamraawit Girmaa

Natsaannat Taaddasaa

Bayyanaa Ibraahim

Waaahuun Takilee

Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et



Ethiopian Press Agency

KEESSUMMAA BARIISAA

Oyiruu 'hinjiruun' irra hinjirre guyyaatti buuphaa 5000, aannan liitira 50fi fuduraalee hedduu gabaaf dhiyeessu

Waasihun Takileetiin

Eeggattummaa hambisuun lammiileen wabii midhaan nyaataatiin akka of danda'aniif lafa bicuu qabanirratti aadaan misooma inisheetiiviiwwan gara garaarratti bobba'uu akka cimuuuf kallattii mootummaan kaa'e hordofuun kanneen hojiitti galan hedduun fayyadamoo ta'aa jiru.

Inisheetiiviiwwan misooma lukkuu, buuphaa, fuduraafi muduraa, aannan, damma, qurxummii, kanamalees misooma qonna hundagaleessaa kompoostiin deeggarame babal'isuun akka lammiileen wabii midhaan nyaataatiin of danda'aniif, gabaan akka tasgabbaa'uuf, muuxannoon lafa xiqqoorratti hedduu misoomsuu akka babal'atu taasiseera.

Gama biraatiin tarsiimoo mootummaan gama kanaan kaa'e kun lammiileen wabii midhaan nyaataatiin of danda'uurra darbanii gabaaf algergiif dhiyeessuun bu'aa buusuu akka danda'anif haala mijataa uumeera.

Tibbana wayita dhimma hojiif gara Godina Shawaa Bahaa, Magaalaa Mojoo deemnetti tarsiimoo misooma inisheetiiviiwwanii mootummaan kaa'e hordofuun hojiitti galanii wabii midhaan nyaataatiin of danda'uurra darbanii gabaaf tasgabbeessuu kanamalees fuduraalee gara garaa sadarkaasaanii eeggatan gabaaf algergiif dhiyeessuuf qophaa'an daawwannee turre.

Oyiruu hektaara tokkorratti kan hinjirre 'hinjiruu' qofa sadarkaa nama jechisiisurra gahuun gorsa ogeessota misooma qonnaatiin hordofuun dirree qullaa ture fuduraafi muduraadhaan misoomsanii jannata lafarraa fakkeessuun ofirra darbanii carraa hojiillee namoota hedduuf banuun fakkeenyummaan kan ka'u keessaa dhaabbanni WK Farmi isa tokko.

Inisheetiiviiwwan oyiruusaaniirratti misoomaa jiran maalfa'i; akkamiin jalqaban, har'a maalirra jira isa jedhu ilaalchisuun Maanaajara Dhaabbata WK Farmi Obbo Sintaayyoo Abarraa waliin turtii Bariisaan taasise akka armaan gadiitti dhiyaateera.



Obbo Sintaayyoo Abarraa

Suuri: Gabaaboo Gabreetiin

Dhugaa dubbachuuf salphaatti guyyaa tokkotti buuphaa 5000 gabaaf dhiyeessaa jirra

Bariisaa: Dhaabbanni WK Farmi yoom hundaa'e; hojiilee inisheetiivii misoomaa maal maal is hojjetaa jira?

Obbo Sintaayyoo: Dhaabbanni WK Farmi kan hundaa'e waggaa afur dura. Jalqaba misooma lukkuurratti bobbaanee lukkuufi buuphaa gabaaf dhiyeessaa turre. Erga bu'uusaa adda baasnee arginee booda dachaan misoomsuun hojii misooma lukkuufi buuphaarratti bobbaanee gabaaf tasgabbeessaa ofifis fayyadamaa jirra.

Bariisaa: Misooma lukkuu eegaltan kana babal'isaa jiraachuu kaastaniituu yeroo ammaa lukkuu hammam qabdu?

Obbo Sintaayyoo: Lukkuun yeroo ammaatti qabnu 6500. Kanneen buuphaansaani gabaaf dhiyaatu akkuma jiran kanneen fooniif gurguramanis hedduudha.

Bariisaa: Silaa lukkuu 6500 qabdu. Kanneen kana keessaa guyyaatti buuphaa hangam gabaaf dhiyeessitu?

Obbo Sintaayyoo: Dhugaa dubbachuuf salphaatti guyyaa tokkotti buuphaa 5000 gabaaf dhiyeessaa jirra.

Gatiin buuphaa itti gurguru kun kan gabaarraa adda. Sababnisaa baadiyyaa keessa waan jirruuf akka hawaasni naannawaa fayyadamaa ta'uuf kan akeekedha. Galiin buuphaa kanarraa argamaa jirus olaanaadha.

Bariisaa: Jalqabbii keessan kana argee qonnaan bulaan muuxannoo horsiisa lukkuufi buuphaarratti isinirraa fudhate jirra?

Obbo Sintaayyoo: Qonnaan bulaan naannawaa keenyaa muuxannoo fudhachuurratti adda dureedha. Kanneen sosochii inisheetiivii nuti eegalle giddugeeffatanii horsiisa lukkuufi

buuphaarratti bobbaan fayyadamaa ta'aa jiru. Nyaata madaalawaa ilmaansaaniif dhiyeessuurra darbanii gabaafillee hafa jiru.

Aadaan kun ammallee gabbachuu mala. Sababnisaa waan hunda gabaarraa eeguun deega farrisuu waan ta'eef lafa xiqqoo qabnurratti misoomaalee sasalphaa horsiisa lukkuu, raafuu, kurunbaa, qullubbiifi fuduraalee gara garaa babal'isuun aadaa jajjabeffamuu maluufi fayyadamummaa hawaasaas mirkaneessuudha.

Bariisaa: Misooma lukkuutiin ala aannanillee gabaaf dhiyeessaa akka jirtan kaastaniituu. Loon aannanii hammam qabdu, aannan hangamiis gabaaf dhiyeessitu?

Obbo Sintaayyoo: Loon aannanii 12 qabna. Loon kanneenirraa guyyaatti aannan liitira shantama gabaaf dhiyeessina. Gatiin gabaaf itti dhiyeessinus haala hawaasa nannawaa kan giddugeeffate yoo ta'u, irra caalaatti aannan haaraa kan hinbubulle waan ta'eef baay'ee gurguramaa jira.

Bariisaa: Loon aannanii isin yeroo ammaa qabdan sanyiinsaani kan maaliiti, aannan kennuurratti hoo akkami?

Obbo Sintaayyoo: Sanyiin loon aannanii kanneenii kan Booranaa, Hoolaandiifi Ameerikaati.

Nyaannisaanii sirriitti sadarkaasaa eeggatee qulqullinnisaanii eegammaan kudha lamaansaani guyyaatti liitira 100 ol kennu.

Muuxannoo gama kanaan gonfannes qonnaan buloota naannawa keenyaa fayyadamaa taasisaa jira. Qonnaan bulaan gara oyiruu keenyaa dhufe marti muuxannoo hedduu hammaarratee gala. Kanaanis kan fayyadame hedduudha.

Bariisaa: Aannan isin guyyaatti gabaaf

dhiyeessitan kana qulqullina isaa eeguuf teknolojiitti hammam fayyadamtu?

Obbo Sintaayyoo: Dhugaa dubbachuuf loon aannanii keenya osoo harkaan hintaane maashiniin elmamu. Kanamalees hanga aannanichi gabaaf dhiyaatutti maashinii itti kuufamu qaba. Kanaaf dhibeef ykn faalamaaf kan saaxilame miti jechuudha.

Bariisaa: Gama misooma lukkuufi loon aannanii hojiin jalqabdan kun bu'aaqabeessa akka ta'uuf deeggarsi ogeessa qonnaa jirra?

Obbo Sintaayyoo: Hojii gama kanaan hojjennu mara keessatti hordoffiifi deeggarsi ogeessa misooma qonnaan nuu taasifamu olaanaadha.

Ogeessota misooma qonnaatiin ala qaamonnii mootummaalee dhufanii haala nuti itti jirru hordofaa nujabeessaa jiru. Sosochichi hawaasa hunda kan fayyadu keessumaa gabaaf tasgabbeessu keessattillee shoora olaanaa akka taphannu nu taasiseera.

Yeroo qaala'insi gatii gabaaf dachaan dabalaa turetti buuphaas ta'e aannan kanamalees lukkuulle gatii madaalawaan gabaaf dhiyeessinee tasgabbeessaa hawaasa naannawaas fayyadamaa taasisaa turreerra, ammas ittuma jirra.

Bariisaa: Misooma lukkuu, buuphaafi aannanii ala gama inisheetiivii fuduraarratti hojiin hojjetaa jirtanoo maal fakkaata, maal maal is omishtu?

Obbo Sintaayyoo: Buuphaa 5000fi aanaan guyyaatti gabaaf dhiyeessuun ala inisheetiivii fuduraalee gara garaanis hojiilee guguddoo hojjetaa jirra.

Akka fakkeenyaatati fudhannee yoo ilaalle fuduraalee akka avokaadoo, burtukaana, paappaayyaa, giishxaa, muuzii, loonii,

maangoo, appilii, zayituunaa, shankoorraafi fuduraalee alaa galan gara garaa hedduu oyiruu keenya hektaara tokkorratti misoomsaa jirra.

Bariisaa: Fuduraalee oyiruu keessan jannata lafarraa fakkeessan kana dhaabbillee dhiyeessitumoo hawaasa naannawaaf dhiyeessitu laata?

Obbo Sintaayyoo: Buuphaa, lukkuu, aannaniifi fuduraalee gara garaa keenya dhaabbilleen ta'e hawaasni naannawaa dhufanii gatii madaalawaan nurraa fudhatu.

Inni guddaan dhaabbata keenya adda taasisu yoo jiraate dhiyeessiiwwan keenya marti haaraadha. Kan hinturre, qilleensa hamaaaf kan hinsaaxilanneefi battala oyiruurras funaanamaniin gabaaf kan dhiyaatan waan ta'eef daran filatamoodha.

Bariisaa: Hojiin keessan wabii midhaan nyaataatiin of danda'uufi gabaaf tasgabbeessuurratti kan xiyyeeffatedhamoo isarra kan darbeedha?

Obbo Sintaayyoo: Gaaffii sirrii nagaafatte. Dhugaa dubbachuuf kaayyoon keenya dheeraadha. Sababnisaa wabii midhaan nyaataatiin of danda'uufi gabaaf tasgabbeessuu qofa osoo hintaane sharafa alaa argamsiisuufillee cichinee hojjetaa jirra.

Bariisaa: Omishoota misoomsaa jirtan hedduu kanneen keessaa kan gabaaf algergiif qophaa'an jirru, yoo jiraatan maal fa'i?

Obbo Sintaayyoo: Yeroo ammaa fuduraa avokaadoo gabaaf algergiif dhiyeessuun sharafa alaa argamsiisuuf hojiitti jirra. Mul'anni keenya akka dhugoomuuf humna guutuun hojiitti jirra.

KEESSUMMAA BARIISAA

Oyiruu 'hinjiruun' irra hinjirre guyyaatti buuphaa...

Omishni avokaadoo gabaa alergiif qophaa'aa jiru sanyiinsaa alaa kan galedha, kanamalees saayinsiin qoratamanii kanneen omishtummaansaanii dachaa ta'e yoo ta'an yeroo dhiyootti gabaa allergii keessa seenuuf jirra.

Dhugaa dubbachuuf inisheetiivii misoomawwan fuduraa mootummaan xiyyeeffannoo kenneefii lammiileen hojiitti akka galan taasisa kun lammiilee hedduu fayyadamaa taasisaa jira, nus qaamota fayyadamoo ta'an keessaa warra jalqabaati jechuu dandeenya. Inisheetiivota gara garaarratti bobbaahuuf lafa guddaa ykn baay'ee qabaachuun dirqama hinta'u.

Sababnisaas mul'anni jijjiiramaa nukeessa bullaan lafa xiqqoorratti waan baay'ee qulqullina qabu misoomsuun akka danda'amu ofiratti argineerra. Warreen muuxannoo nurraa fudhatanis fayyadamaa ta'anii waan argamaniif waan haalamu miti.

Bariisaa: Akkuma isinuu dura kaastan oyiruu keessanirra kan hinjirre 'hinjiruu' qofa. Gama misooma dammaatiinoo maalirra jirtu?

Obbo Sintaayyoo: Gama kanaan gaagura aadaa tokko jennee fayyadamaa turre. Kan ammayyaatiin bakka buusuun misooma dammaa keenya dachaan dabalaa jirra.

Kanniisonni keenya damma omishuuf fagoo hindeemani. Akkuma atuu argitu kana fuduraaleen oyiruu keenyarra jiran marti kanneen abaaboowwan gara garaa qabaniidha. Kanaaf asumarraa xuuxanii asumatti damma dammeessuun oyiruu keenya hundagaleessa taasisaa jirra.

Muuxannoon kun kan dhaalamuu qabuudha. Namoonni hedduun nurraa fudhatanii fayyadamaa jiru. Omisha dammaatiinis wabii midhaan nyaataan of danda'uurra dabarree gabaa tasgabbeessaa jirra. Damma kichuutu murama. Makaa hinqabu. Kanarraa kan ka'e barbaadamummaan misooma keenyaa daran olaanaadha.

Bariisaa: Mi'eessituwwan namoonni gabaarraa bitatan marti as keessa jiru jechuun nidanda'amaatii akkamiin yaadattanii dhaabdan?

Obbo Sintaayyoo: Mi'eessituwwan qofa otoo hintaane biqiloonni qorichaaf oolanillee osoo hinhafin misoomsaa jirra. Oyiruu hundagaleessa waan qabuuf kan hinjirre hnjiruu qofa jenneerra.

Mi'eessituwwan akka roozmariinoo, siqaaqimee, dinbilaalaa, cilaattaama (ciraakkota), qaaraa, arrittii (daalee), damaakaseefi geeshooftaa guutaniiru.

Bariisaa: Wayituma oyiruu keessan keessa naannofnee daawwannetti poondiin horsiisa qurxummii jiraachuus argineerra. Misooma qurxummiis hojjetaa jirtuu?

Obbo Sintaayyoo: Eeyyee. Qurxummiin nyaata madaalawaa namni kamuu nyaachuu qabu, haala salphaan horsiisuun fayyadamummaa ofii mirkaneessuun akka danda'amu qabatamaan agarsiisneerra.

Poondii mataa keenyaa qopheessinee sanyiisaanii finnee itti naquun horsiisnee ofiis fayyadamaa gabaafis dhiyeessaa jirra. Akaakuuwwan qurxummii akka ambaazzaafi qorosoofaa horsiisaa jirra.

Inni guddaan yoo kunuunsiifi hordoffiin taasisameef heddumminaan irraa fayyadamuun akka danda'amu qabatamaan agarsiisaa jirra.

Kunillee muuxannoo dhaalamuu qabu yoo



Obbo Sintaayyoo Abarraa

ta'u, qonnaan bultoonni dhufanii daawwatan oyiruuusaaniiratti misoomsuun fayyadamaa gabaafis dhiyeessaa jiru. Jalqabbiin inisheetiiviiwwanii kunniin dachaan dabalaa deemuun jajjabeessaa yoo ta'u, keessumaa eeggattummaa maqsuufi gabaa tasgabbeessuu keessatti shoora guddaa kan taphatuudha.

Bariisaa: Bittaa nyaata qurxummii gatiinsaa qaalii ta'uu danda'a. Kanarraa kan ka'e baasii humnaa oliif saaxiluu waan danda'uuf falli gama kanaan taa'eeffii akka muuxannootti dhaalamuu qabu jiraa?

Obbo Sintaayyoo: Dhimmi kun namoota misooma qurxummiifi lukkuurratti bobba'aniif yaadessaa ta'aa jira. Ta'us lukkuufis qurxummiifis baasii humnaa olii baasanii bituurra falli addaa tokko baasiin itti hir'atu jira.

Innis lukkuuwwan hedduu qabna. Balfa lukkuulee tajaajila nyaata qurxummiif akka oolu mala dhoofneerra. Bakka poondiin qurxummii jirutti olkaasnee mana bultii lukkuulee ijaarreeerra.

Balfa lukkuulee gaaraa harca'u qurxummii poondicha keessa jiran 200 oliif nyaata ta'ee tajaajila. Aadaan kun kan gabbachuu qabuudha. Irrakeessaan bultii lukkuulee jalaan poondii qurxummiin itti hortu qopheessuun lukkuulee keenya qofaaf nyaata dhiyeessuu qofti gahaadha. Sana booda balfisaanii qurxummii keenyaaf nyaata ta'ee tajaajila.

Bu'uuruma kanaan yoo rakkoon addaa mudateen ala lukkuulee horsiisna taanaan nyaata qurxummiif baasii olaanaa baasuun hinbarbaachisu.

Bariisaa: Hojiin keessan misooma qonnaa hunda kan of keessatti hammateedha. Beeladonna keessan dhukkubsachuu danda'u. Omishaafi omishtummaan fuduraa kan dammaa hir'achuu danda'a. Hudhaa gama kanaan jiru furuuf deeggarsi ogeessotaa jiraa?

Obbo Sintaayyoo: Dhugaadha, hojiin ogeessaan hindeeggaramne omishtummaarratti rakkoo godhachuunsaa hin oolu. Akkuma atuu kaastee hudhaa gama kanaan jiru furuuf jecha ogeessa yaalaa beeladaa qacarannee qabna. Horiin aanannii, lukkuuleen keenya dhibeef yoo saaxilaman kan yaaltu qabna.

Ogummaa veteraniin eebbifamtee dhaabbata keenya keessatti mindeeffamtee hojjetaa jirti. Hordoffii ogummaa waan taasisuufis yoo dhukkubsatan nuu yaalti. Omishaafi omishtummaansaanii dachaan akka dabaluu gorsa ogummaa kennitti.

Mala qabiinsa aannaniirattis ittifayyadama meeshaa elmituu keenyaarrattis hordoffiifi

deeggarsa taasisuun misooma inisheetiivii keenyaaf tumsa taasisaa jirti.

Bariisaa: Gama misooma fuduraaleettin isin deebisaatii, callaan omishtummaan keessan gama fuduraatiin jiru akka dabaluuf guddistuu callaa, farra aramaafi ilbiisotaa fayyadamaa jirtuu?

Obbo Sintaayyoo: Fuduraalee misoomsinuuf irra jireessaan guddistuun callaa nuti fayyadamnu kompostii uumamaati. Kompostii raammoofi dikee looniirraa hojjetamu oyiruu keenyaratti qopheessina.

Asirratti wanti beekamu qabu baalli fuduraalee dikeen (dhoqqeen) loonii bakka tokkotti kuufamee tajaajila kompostii aadaatiif akka oolu taasisfama.

Bu'uuruma kanaan balfawwan walittiqabnee dhoqqee looniin maknee kompostii omishnu nyaata fuduraalee keenyaaf oolchuun misoomicha si'eessaa omishaafi omishtummaa keenya dachaan dabalaa jirra.

Keemikaalota hedduu hinfayyadamnu. Sababnisaas qabiyyee albuuda biyyee waan miidhaniif mala aadaatiin fayyadamnee fuduraalee keenya misoomsaa jirra.

Bariisaa: Bakkeewwan tokko tokkotti dhibeen misooma fuduraalee akka burtukaanaa hubu, kan guddinasanii quucarsuufi baalasaanii nyaatu mudachuu danda'a. Yeroo kana maal gootu?

Obbo Sintaayyoo: Dhugaa dubbachuuf dhibeewwan fuduraa huban keessumaa kanneen akka burtukaanaa miidhan jiru. Yeroo akkanaa keemikaala nifayyadamna. Garuu erga dhibichi irraa badeefi humni keemikaalichaas tajaajilasaa fixee fuduraan sun sassaabamee gabaaf oola.

Keemikaalli fuduraa qofaaf miti dhibee lukkuu hubuu danda'u maqsuuf namni akkuma barbaade kopheedhaan dhibee fuudhee akka itti hinseenneef keemikaalli balbalarraa kaa'amee miilaan erga irra jajjee booda akka olgalu taasisfama.

Walumaagalatti bakkeewwan yaadoodan omishaafi omishtummaa keenya miidhuu dandahu mudatutti tajaajila yaala fayyaafi biifan keemikaalaa nitaasifama.

Tarkaanfiin kun takkaan fuduraa haaraa kanamalees bu'aa beeladaa ho'aafi qulqulluu ta'e gabaaf dhiyeessuuf kan gargaaru waan ta'eef xiyyeeffannoon hojjetama jechuudha.

Bariisaa: Akkuma isinuu kaastan maamilli bu'aalee misooma keessanii barbaadu hedduudha. Isaan kunniin bifa kamiin isinirraa bitaa jiru, giddugala gabaa qabduu?

Obbo Sintaayyoo: Dhaabbileen gara garaa dhufanii oyiruu keenyaratti argamuun waan fedhan ho'aasaa bitatanii deemu. Ta'us haala kanaan maamila keessummeessuun waan hindanda'amneef galma oyiruu keenyaarratti bakka gurgurtaa qopheessuun gabaaf dhiyeessaa jirra.

Haata'u garuu bakka dhaabbiin omishni fuduraaleefi bu'aalee beeladaa keenya itti dhiyaatu giddugalli gabaa osoo jiraate warra bitatuufis warra gurguratuufis waan mijatuuf qaamni mootummaa akka nudeeggaru barbaanna.

Bariisaa: Misoomawwan inisheetiivii gara garaa gabaa tasgabbeessuufi lammiileen wabii midhaan nyaataatiin akka of danda'an taasisuun ala carraa hojiis uumuu keessatti bakka olaanaa qabu. Isin gama keessaniin namoota meeqaaf carraa

hojii bantaniittu?

Obbo Sintaayyoo: Misoomawwan inisheetiivii gara garaa akka biyyaatti babal'achuun takkaan namni matumasaatti lafa xiqqoo qaburratti hojii akka uummatu taasisaa jiraachuu eenyumaafuu dhokataa miti. Ta'us dhaabbata keenyatti dhaabbiin hojjetoota 20f carraa hojii uumuu dandeenyeerra. Kan guyyaammoo ji'aan hanga namoota 50 hojii humnaa kunuunsa fuduraaleerratti bobbaasnee hojjechiisaa jirra.

Lakkoofsi namoota carraan hojii uumamaafii jiruu yeroo yeroon dhaabbiinis yeroon dabalaa deema. Dhaabbanni tokko dhaabbiin namoota 20f yoo bane kan biraas yoo dabalame kanaa olsimachuun dargaggoonni keenya miira ofitti amanamummaa akka horatan taasisuun danda'ama jechuudha.

Bariisaa: Misoomni fuduraa haala qilleensa naannawaa waaltessuu keessatti shoora akkamii qaba jettu?

Obbo Sintaayyoo: Misoomni keenya warshaa miti balfaa ykn aara gadi hinbaasu. Qilleensa naannawaa waaltessa, bakka aara galfiifi nagaa qabuudha.

Namni omishawwan keenya bitachuu dhufu bu'aa omishaalee keenyaan ala qilleensa oyiruu keenyarra jiru kan misooma magariisaan badhaadhe sana keessatti qalbiisaa qabbaneessuu danda'a, bakka aara galfii addaati jechuudha.

Dhugaa dubbachuuf misooma inisheetiivii babal'ataa jiru kanaan omisha argamu caalaa kan nama gammachiisu dachee qullaa ture ashaaraa magariisaatiin uwwisanii jannata fakkeessuun qilleensi qabbanaa'aa nagaa qabu akka danbali'u taasisuun miira namaa gammachiisa.

Dhaabbanni keenya misooma fuduraaleefi bu'aalee beeladaatiin ala duula ashaaraa magariisaa gaggeeffamaa jiru keessattis gaheesaa bahachuun daangaa oyiruu keenyaafi keessoosaatti miidhagina addaa kennaniin kan badhaadhedha.

Bariisaa: Galiin misooma kanarraa argamu quufsaadhaa?

Obbo Sintaayyoo: Dhugaa dubbachuuf faayidaa ofii mirkaneessanii gabaa quufsuu caalaa wanti nama gammachiisu hinjiru. Galiin jajjabeessaa argachaa jirra. Gaafa alergiitti seenuummoo kanaa ol galchina jedheen abdadha.

Bariisaa: Misoomawwan inisheetiivii armaan olitti kaaasne maraaf bu'uuraa kan ta'e bishaani. Hojiilee misoomaa kanneeniif bishaan cessa argattu?

Obbo Sintaayyoo: Bishaan namaafis ta'e uumama lafarraaf lubbuudha. Bishaaniin ala hojiilee armaan olitti eeraman misoomsuun hindanda'amu. Bu'uuruma kanaan baasii humnaa oliif akka nu hinsaaxilleef bishaan eelaa ykn boollaa mataa keenyaa oyiruu keenya keessaa qotuu haala gahaa ta'een fayyadamaa jirra. Milkaa'ina gama misoomawwan armaan olitti eeramaniif hundeen keenya bishaani. Silaa osoo nibinna ta'e fayyadamuu hindandeenyu ture.

Bariisaa: Mul'anni keessan egeree maali?

Obbo Sintaayyoo: Akkuman dura sii kaase avokaadoon keenya gaheera. Rabbi faana fuldura kana allergii jalqabuuf jirra.

Galiin achirraa argamuun biyya keenyaaf sharafa alaa argamsiisuu, misoomichas babal'isuun carraa hojii namoota biroof uumuufi fayyadamummaa keenya mirkaneessuun hiyyuma seenaa gochuudha.

AADAIFI AARTII

Malkaa Ateetee: Bakka ulfoo dhabduunillee dhala itti argataa turte

Saamraawit Girmaatiin

Sirnoota darbaniin aadaan Oromoo akka baduuf itti herregamee hojjetamaa turuunsaa ni yaadatama. Kanaanis aadaafi eenyummaan saba guddicha kanaa haphachaa, badaafi irraanfataamaa dhufee ture. Keessumaa ibsama Oromoofi duudhaa Sirna Gadaa kan ta'e Irreechi bakkawwan addaddaatti yeroo dheeraaf addaan citee ture.

Ta'us qabsoo hadhaa'aa ilmaan Oromoo taasisaniin duudhaan ummattichaa dhawaataan deebi'aa kan dhufe yoo ta'u, Irreechi Hora Finfinnee guddichi waggoota 150 addaan citee ture erga deebi'ee waggoonni jaha lakkaa'amaniiru.

Irreecha malkaawwan addaddaatti kabajamu keessaa kan Malkaa Ateetee, Buraayyuutti Irreeffatamus akkasuma waggoota 29f addaan citee turee bara 2000 kabaja ayyaana Barkumeerratti deebi'uudha Jaarsi Biyyaa Magaalaa Shaggar Obbo Alamu Caalaa yaada Gaazexaa Bariisaaf kennaniin kan himan.

Akka isaan jedhanitti, Irreechi Malkaa Ateetee malkaa seenaa qabeettii yoo taatu, sirnoota turaniin laafteefi addaan citee kan deebiteedha. Kunis gaaffii ummanni naannawichaa aadaa keenya bade nuu deebisaa jedhee irra deeddeebiin gaafateen kan deebi'edha.

Yeroo sanas maanguddoota ganda ja'aa yommuu walitti waamuun mariin taasifameera. Malkaa badde sana deebifachuuf, akkasumas gaabbii waggootaa deebii argatetti gammaduun sangoota 24 qaluun sirna ho'aadhaan irreeffatamee ture.

Erga addaan citee deebi'ees yeroo 18ffaadhaaf Dilbata borii kabajuuf qophii hundi xumuruufi Malkaan Ateetee keessumootashee hawwiidhaan eeggataa jiraachuu eeru. Malkaa kana wanti adda taasisu abbootiin yommuu erga Masqalli ba'ee gara Hora Finfinnee deemuun irreeffatan haadhooliin ammoo Masqala Ateetee jechuun qincee affeelataniin,



dhangaafi dhugaatii aadaa garagaraa qopheeffataniin malkichatti ba'anii irreeffataa turan jedhu.

Akkasumas, namni ilmoo hinqabne gara Malkaa Ateetee dhufee kadhate ilmoo akka argatuufi galateeffannaadhaaf gara Malkaa sanaatti dhufuun akka irreeffatan seenaadhaan akka dubbatamu himu.

Kana malees dubartiin karaa deemaa turte tokko yommuu malkaa sana geessu ciniinsuun qabee achumatti deessee waan gargaaramteef marqaan Ateetee qophaa'era jedhu. Kanaaf Malkaan Ateetee malkaa seenaaqabeettii ta'uushee kaasu.

Akka ibsa jaarsa biyyaa kanaatti Gumiin Abbootii Gadaa, Irreechi Malkaa Ateetee torban Irreecha Hora Harsadeetti akka kabajamuuf waan murtaa'eef haala kanaan kabajamaa jiraachuu eeranii, haaluma kanaan Onkoloolessa 3, bara 2017, Oromoon kaabaa kibbaa, bahaa dhihaa, biyya keessaafi alaa dhufe akkasumas, saboonniifi sabalammoonni uffataafi faaya aadaasaaniitiin miidhaganii gara sana dhufuun akka irreeffatan waamicha dhiheessu. Isaanis "nuu koottaa" jedhaniin

keessummoota simachuuf qophiilee hunda xumuruu ibsu.

Aadaa baddee haala kanaan deebite tun dhaloota ittaanuttis akka dabartuuf keessumaa qarreefi qeerroon har'aa sirnaan kunuunsu akka qaban kan dhaaman Obbo Alamuun, waan Abbootiin Gadaa, jaarsoliin, hayyoonniifi haadhooliin Siinqee jedhan dhaga'uudhaan bifa jaalalaafi tokkummaa obbolummaa mul'isuun kabajuu akka qaban hubachiisu. Keessumaa haala uffannaa, sirba, irreeffannaafi kabaja Irreechaa duudhaan ala ta'erraa akka of qusatan gaafatu.

"Irreecha kanarratti Abbootiin Gadaa Tuulamaa ni argamu. Abbaan Malkaa, malkaa ni saaq. Haadhooliin Siinqees ittaansuun gara malkaatti qajeelu. Erga Abbaan Malkaa irreeffatee booda, abbootiin Gadaa ittaanuun irreeffatu. Haala kanaan sadarkaa sadarkaadhaan qajeelfama kennamuun kan irreeffatamu ta'a. Yommuu gara malkaa bu'amus sirbama argantu sirbama osoo hintaane "Mareewoo" jechaa Irreechi naanna'ee waggaa maree dhufuusaafi "waggaa waggaa nu ga'i" jechaa sirbama" jedhu.

Aadaan Oromoo aadaa guddaadha; kan bar tokko mul'atee bar tokko badu miti kan jedhan jaarsi biyyaa kun, aadaa sirni darbe balleessee hangafooni ifaajjaniin deebisan kana tiksuun fuulduratti kan dabarsuu qabu dhaloota ammaa ta'uusaatiin imaanaa akka fudhatan gaafatu. Kanarratti miidiyaanis shoora olaanaa waan qabuuf barsiisuurratti cimee hojjechuu akka qabu dhaamu.

Abba Duulaa Toli Eegduu Gadaa Tuulamaafi Koree Hora Irreecha Finfinneefi Bishooftuu yoo ta'an; isaanis keessumaa haala kabaja Ayyaana Irreechaarratti namni hundi sirnasaa hordofuu akka qabu himu. Irreechi kan kabajamu erga biiftuun baatee 'kottee baaftee' diimattee booda waan ta'eef isa eeganiin kabajuu akka qaban kaasanii, Irreecha Hora Finfinneefi Harsadeettillee haala kanaan irreeffatamuu dubbatu.

Haala kanaan ummanni Oromoo kabajamaafi safuu kan beeku, akkuma torbee darbe Irreecha Hora Finfinneefi Hora Harsadee duudhaasaa eegee, keessummoota baargamaa dhufan simatee keessummeessuun kabajate Irreecha Malkaa Ateetee Buraayyuutti kabajamus haala walfakkaatuun akka kabajatu gaafatu.

"Ogummaan qabutti fayyadamee miidhaginni Irreechaa caalaatti akka beekamuuf nan hojjetta"

- Artisti Yaadessaa Zawuga Booji'aa

Saamraawit Girmaatiin

Irreecha bara 2017 torban har'aafi torban borii Hora Finfinneefi Hora Harsadeetti kabajameerratti diyaaspooraan Oromoo haala adda ta'een hirmaachuunsaniin ni yaadatama. Diyaaspooraan kunneenis waamicha mootummaan Oromiyaa taasisseef fudhachuun kan argaman yoo ta'u, keessummeessa taasifamefitti akkasumas miidhagina Ayyaanaa Irreechaa arganitti daran gammaduu ibsu.

Kanneen keessaa Gaazexaa Bariisaa waliin addatti turtii kan taasisse diyaaspooraan Ameerikaa, Siyaatilirraa dhufe Artisti Yaadessaa Zawuga Booji'aa isa tokko.

Irreecha kabajuun mirga bu'uuraa Oromoo akka ta'eetti kan amanu ta'uu ibsee, namni kamuu kan itti mufatu yookiin dheekkamu miti; kanaa boodas kan irratti walfalmanis

akka hintaane hima. Isa kanammoo ifaan agarsiisaa jiraachuufi ummanni tokkummaadhaan nagaan ba'ee nagaan deebi'uun warra kaaniifis fakkeenya ta'a; fiixee dhaabataniin waan hintaane warra dubbatan irraas Itoophiyaanonni waliin kabajan daran dinqisiifamu jedha.

Akka ibsasaatti, Irreechi har'a bifa kanaan miidhagee akka kabajamuuf aarsaa guddaatu kanfalame. Keessumaa Irreechi Hora Finfinnee akka deebi'uuf hojiin hojjetame seenaan kan dagatu miti. Sochii ummanni taasisuurra darbee kutannoon mootummaalleen kan dinqisiifatamudha. Wanti barootaaf dhokoteefi awwaalamee ture har'a ayyaana addababa'ii ta'uu arguu caalaa wanti nama gammachiisu hinjiru.

Erga biyyaa ba'ee waggoota 29 kan lakkoofsise Artisti Yaadessaan Irreecha isa Ameerikaatti kabajamurratti malee

isa Oromiyaatti kabajamurratti hirmaatee akka hinbeekneefi yeroo jalqabaatiif dhufuun Irreecha Hora Finfinneefi Hora Harsadeetti irreeffachuu hima. Kanarraas wantoota hojii aartiif ta'an hedduu argachuusaafi oggaa gara Ameerikaa deebi'u hojjetee ummata biraan kan ga'u ta'uu ibsa.

Kana malees ummanni miliyoonotaan ba'ee ayyaanicha kabaju yeroo bakka bulu dhabe rakkatee sagantaawwan addaddaatiin bakkeetti dabarsu arguusaatiin, qaamolee dhimmichi ilaallatu waliin ta'uun kun furmaata akka argatuuf hojii hawaasa diyaaspooraas ta'u dhaabbilee alaa kakaasuu hojjechuuf karoofachuusaa ibsa.

"Irreechi kana booda ittuu bareedaa deema



Gara fuula 12tti

Abbaa Sa'aa

“Itoophiyaan biyya rakkoolee hedduu keessatti dameewwan hundaan guddina ittifufiinsa qabu galmeessaa jirtuudha”

- Pirezidaanti Taayyee Atsqasillaasee

Bayyanaa Ibraahimiin

Itoophiyaan yeroo ammaa bu'aa ba'iiwwan hedduu keessa darbaafi rakkoolee hedduun qoramaa jiraattus guddina ittifufiinsa qabu dameewwan hundarratti galmeessisaa jiraachuu Pirezidaantiin Itoophiyaa Taayyee Atsqasillaasee haasaa baniinsa Manneen Maree Bakka Bu'oota Ummataafi Federeeshiniiratti taasisaniin ibsaniiru. Haasaa isaan taasisan keessaa kan dinagdee ilaallatu akka armaan gadiitti qindeessinee dhiyeessineerra.

Gama guddina dinagdee waliigalaatiin

Biyyattiin utuma rakkooleefi bu'aa bahiiwwan hedduu keessa jirtuu bara bajataa 2016 keessa guddina waliigalaa 8.1 galmeessisteetti. Kun immoo bu'aa riifoormii maaykiroo ikkonomiksii yaadama biyya keessaatiin dhufe yemmuu ta'u, haalli kun gara fuula duraattis cimee akka ittifufuufi guddina caalu akka argamsiisuuf kanirratti xiyyeeffatamee hojjatamu ta'a.

Gama investimantii kallattii biyya alaatiin immoo dinagdeen Itoophiyaa dhibbantaa 13.8n kan guddate yoo ta'u, kanaanis doolaara Ameerikaa biliyoona 3.9 ta'u argachuun danda'ameera.

Gama hojii dhabdummaa hir'isuufi carraa hojii bal'inaan uumuutiinis bara darbe lammiilee biyyattii miliyoona 4fi kuma 250 ta'aniif carraan hojii yemmuu uumamu, kana keessaa lammiileen kuma 370 ta'an gama bobbi hojii biyya alaatiin carraa hojii biyyoota garaa garaatti argachuu danda'aniiru.

Gama biraatiin mootummaan qaala'iinsa jireenyaa biyyattiitti mul'achaa jiru tasgabbeessuuf tarkaanfilee gara garaa fudhachaa kan jiru yoo ta'u, kana keessaa imaammata maallaqaa naamusa cimaadhaan hogganamu baasee hojirra oolchaa jira.

Waggoota muraasa kana keessatti omishaafi omishtummaan dameewwan dhiyeessii nyaataafi kanneen biroorra jiru haala gaariidhaan dabalaa jiraachuun imaammata maallaqaa cimaafi naamusa olaanaadhaan hogganamuun dabaalamee qaala'insi jireenyaa akka to'atamuuf haala mijataa uumeera.

Bara bajataa xumurametti qaala'insa gabaa waliigalaa ji'a Hagayyaa qofa yemmuu ilaallu dhibbantaa 17.2 ta'ee galmaa'era. Kunis qaala'insa gabaa waliigala bara darbee ji'a walfakkaataatti galmaa'ee tureen walbira qabamee yemmuu ilaalamu hir'achaa dhufuusaa kan agarsiisuudha.

Dabalataanis meeshaaleefi shaqaxoota gara garaa lammiilee biyyattiitiif gatii madaalamaan dhiyeessuuf hojii hojjatameen faddaala bitataafi gurgurataa gidduu ture hambisuudhaan omishaafi bitataan kallattiidhaan walargee akka walirraa fayyadamuuf hojii hojjatameen sirni gabaa sanbata xiqqaafi guddaan



omisha qamadii kuntaala miliyoona 230 ta'u omishuu dandeesseetti. Kanaan biyyattiin seenaashee keessatti qamadii alatti erguudhaan sharafa alaa kan itti argatte waggaa lammataa waan ta'ee guddina dinagdee keessatti hiikkaa olaanaa kan qabuudha.

Gama biraatiinis omishaalee akka boqqolloofi ruuziiratti hojii xiyyeeffannoo addaatiin hojjatameen jijjiiramni qabatamaan mul'achaa kan jiru yoo ta'u, kunis omisha olaanaa gama qamadiitiin jirutti dabalamuudhaan biyyattiin omisha sanyiiwwan gara garaa kuntaala miliyoona 700 omishee alaatti erguudhaan sharafa alaa akka argattu dandeesisuu keessattis shoora hintuffatamne bahachaa jiru.

Gama lafa qonnaaf oolaa jiruutiin bara bajataa 2015tti lafti qotamaa ture hektaara miliyoona 20.3 yoo ta'u, bara bajataa 2016tti lafa dabalataa hektaara miliyoona shan ta'u dabaluuudhaan waliigala lafa omisha qonnaa gara garaatiif qotamuu gara hektaara miliyoona 26tti ol guddisuun danda'ameera.

Lafa qonnaaf oolu babal'isuu qofaadhaan osoo hintaane, omishaafi omishtummaan akka dabaluuufi waqtiwwan akka gannaa, arfaasaafi bonatti immoo jallisitti fayyadamnee omishuudhaan dameen qonnaa biyyattii boqonnaa haaraa keessa akka galu taasisuun danda'ameera.

Kana qofaa osoo hintaane, gama inisheetivii maaddii guutuutiin naannolee biyyattii hundatti kaka'umsi cimaan waan uumameef jijjiiramni guddaan mul'achaa jira. Dabalataanis gama horsiisaa looniifi faayidaaleesaaniitiinis jijjiiramni mul'achaa jiru boqonnaa haaraa kan bane qofaa osoo hinta'een, naannawa magaalatti hojii kanaan dura hinbaramne qonna magaalaa hojiiira oolchuunis bu'aan gaariin argamaa jira.

Gama omisha qurxummiifi dammaatiinis hojii xiyyeeffannoo olaanaadhaan hojjatameen bu'aa gaariin galmaa'uu jalqabeera. Gama horsiisa lukkuu, omisha aannanii, fooniifi kanneen horsiisa looniifi bu'aaleesaaniitiin walqabatus guddina abdachiisaa galmeessisaa kan jiraniidha.

Dameewwan kunniin qaala'insa jireenyaa hir'isuu keessatti shoora olaanaa kan taphatan yemmuu ta'u, lammiileen hundi waanuma naannawasaatti argamutti fayyadamee horsiisa loonii, lukkuu, kuduraafi muduraa keessa galuu akka danda'uufis carraa gaarii kan uumuudha.

Guddinni dinagdee biyyattii hundeesaa bal'isaa qixa fayyadamuu lammiilee immoo mirkaneessaa kan jiru yemmuu ta'u, kunis karoora dinagdee waggoota 10 biyyattiin baafattee irratti hojjachaa jirtu keessatti sirnaan tarraa'ee kan argamuudha

iddoowwan hundatti hojiiira oolaa jira.

Yeroo ammaa giddugalootti gabaa sanbataa kunniin yeroorraa yerootti muuxannoo walirraa fudhachaa akka babal'ataniif kallattii kaa'ame hordofuudhaan giddugalootti gabaa sanbataa 407 irraa gara giddugalootti 1066tti ol guddisuun danda'ameera.

Gama biraatiin daldala biyya alaa yookiin alergii babal'isuuf hojii hojjatameen omishaalee tanaan dura biyyattiitti omishamanii gabaa alaatiif dhihaatan baay'inaafi qulqullinaan omishuudhaan galii achirraa argamu dabaluu qofa osoo hintaane, gabaawwan haaraa barbaaduudhaan filannoo alergii biyyattii bal'isuun danda'ameera.

Kanaanis bara bajataa xumurame 2016tti damee daldala alaa kanarraa biyyattiin sharafa alaa doolaara biliyoona 3.8 ta'u argachuun kan danda'ame yemmuu ta'u,

kunis raawwii damee kanarratti bara darbe argamee tureen yemmuu walbira qabamee ilaalamu guddina dhibbantaa 4.8 ta'uun dabaluu kan agarsiisuudha.

Bara bajataa darbetti omishaalee alergii-dhaaf oolan kanneen akka bunaafi midhaan dheedhii akkasumas warqeetiin raawwii fooyya'aan galmeessisuun danda'ameera. Bifa waliigalaatiin hojiiwwan daldala shaqaxootaatiin, tajaajilaafi investimantii kallattii irraa biyyattiin doolaara Ameerikaa biliyoona 21 ta'u argachuu dandeesseetti.

Guddinni dinagdee biyyattii hundeesaa bal'isaa qixa fayyadamuu lammiilee immoo mirkaneessaa kan jiru yemmuu ta'u, kunis karoora dinagdee waggoota 10 biyyattiin baafattee irratti hojjachaa jirtu keessatti sirnaan tarraa'ee kan argamuudha.

Kana qofaa osoo hintaane, hojiiwwan guguddoon mootummaan hojjachuuf karoofate hundi yeroo qabameef keessattiifi dursee akka xumuramufis aadaan hojii haaraa biyyattiitti akka baratamu taasisamaa jira.

Damee omisha qonnaatiin

Damee qonnaatiin bara bajataa xumurame 2016tti guddina waliigalaa 6.8 ta'ee galmeessisuun kan danda'ame yemmuu ta'u, waliigalaan omishni kuntaala miliyoona 700 ta'u Itoophiyaatti omishameera. Akka waliigalaatti imalli omisha qonnaa biyyattii kallattii fooyya'aarratti kan argamu yoo ta'u, hundarra immoo guddinniifi jijjiiramni gama omisha qamadiitiin biyyattiitti galmaa'aa jiru hedduu kan nama boonsuufi seenaa haaraa galmeessisaa jira. Kana qofas osoo hintaane, omishni qamadii waggoota muraasa keessatti galmaa'aa jiru kan muuxannoo guguddaan irraa argameedha.

Bara bajataa 2016 omisha arfaasaatiin omisha kuntaala miliyoona 120 ta'u argachuun kan danda'ame yemmuu ta'u, omisha jallisii fayyadamuudhaan qamadii kuntaala miliyoona tokkoofi torba ta'u argachuun danda'ameera.

Waliigalaan yemmuu ilaalamu waqtii arfaasaa bara darbee qofatti biyyattiin

Ilaamee...

Mootummaan harka nagaaf diriirse har'as hindachaasu

Mootummaan Naannoo Oromiyaa yeroo adda addaatti garaagarummaa jiru dhiphisuun, rakkoo nageenyaa naannoo keenya mudate karaa nagaan hiikuun nageenyaafi misooma ummata Oromoo guutuummatti deebisuuf qaamolee hidhatanii socho'aniif waamicha walirraa hincinne taasisuufi yaaliwwan marii gochaa tureera.

Kanaanis, yeroo garaagaraatti hidhattoonni murna adda addaa kumaatamaan lakkaawaman galuun gadadoo ummata isaanirra gahaa ture hirdhisuu keessatti qooda bahataa jiru.

Mootummaan hidhattoota waamicha naga fudhachuun araaraan galaa turanifi galaa jiran, akkasumas qaamolee qooda fudhattoota milkaa'ina hanga ammaa argameef gumaachan maraaf dinqisiifannaafi kabaja olaanaa kan qabu ta'uu irradeebiin ibsuun barbaada.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa kutannoofi waadaa rakkoo nageenyaa ummata keenyaa mankaraarsaa jiru karaa naga hiikuuf qabu har'as kan hinlaaffisneefi karra araaraaf bane kan hincufne ta'uu asumaan hubachiisuun fedha.

Bu'uuruma kanaan, qaamolee hidhatanii naannoo keenya keessa socho'an keessaa gareen "WBO Zoonii Giddugaleessaa" jedhee ofwaamu mootummaa waliin marii naga adeemsisuun garaagarummaasaa karaa naga tarkaanfachiisuuf fedhii qabaachuu dhiheenya ibsuunsaa kan



Obbo Shimallis Abdiisaa

yaadatamuudha.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa ejjannoo gareen kun qabate daran kan jajjabeessuufi ija gaariin kan ilaalu ta'uu ibsaa, gareen kun fedhii isaa gochaan agarsiisuuf murannoo qabaannan, mootummaan keenya akkuma waadaa galee karaa dheeraa deemee simachuun,

marii nagaatiif qophii ta'uu kan mirkaneessu ta'a.

Dabalataanis, mootummaan hidhattoota karaa nagaafi araaraa filachuun galaa jiraniifi galuu yaadaniif haalota jiruufi jireenya isaanii deebisanii gadi dhaabbachuufi hawaasatti madaquuf isaan barbaachisan hunda mijeessuu cimsee kan

itti fufuudha.

Akkasumas, kanneen garaagarummaa yaada isaanii karaa naga tarkaanfachiisuu barbaadaniif dirree siyaasaa falmii yaadaaf mijatu kan qopheessuu qofa osoo hintaane, tiksuuuf yeroo kamuu dammaqinaan kan hojjetu ta'uu ibsuun barbaada.

Mootummaan keenya waamicha nagaafi araaraa obsa olaanadhaan, irra deddeebiin gochaa tureera; ammas ittijira. Dheebuun ummata keenyaa misoomaafi nageenya qe'ee isaati; araaraafi tokkummaa maatii isaati. Boqonnaan walitti bu'iinsaa cufamee, garaagarummaa jiru mariifi marabbaan hiikamee nagaan bahee galuun hawwii guutuu hawaasa keenyati.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa, fedhii marii naga gareen "WBO Zoonii Giddugaleessaa" ofiin jedhu agarsiise daran kan jajjabeessuufi haala dandeessisoo milkaa'ina marii kanaaf barbaachisan hunda umuun, garaagarummaa jiru karaa naga hiikuuf qophii ta'uu isaa maqaa kiyyaafi maqaa Mootummaa Naannoo Oromiyaatin irradeebiin mirkaneessaa, qaamolee qooda fudhattoota rakkoo nageenyaa mudate karaa nagaatiin akka hiikamu tattaaffii gochaa turtan hundi deeggarsa keessan daran cimsuun fedhii marii naga tibba kana garee "WBO Zoonii Giddugaleessaa" ofiin jedhu biraa mul'ate milkaa'inaan akka goolabamuuf nuwaliin akka dhaabattan imaanaa jechuun barbaada.

Shimallis Abdiisaa, Pirezidaantii BMNO

Irreechaafi manneen nyaataa aadaa Oromoo

Saamraawit Girmaatiifi Taammiruu Raggaasaatiin

Oromoon yommuu keessummaan ittidhufu haala addaafi kabaja olaanaadhaan simata. Dhangaawwan addaddaa qopheessee, waan dhugamus itti dabaleetu jaalalaan nama isatti dhufu simata. Oromoon Magaalaa Finfinneefi Bishooftuu jiranis tibba kana akkanaa qophaa'anii keessummootaasani simatanii keessummeeffataniiru.

Irreechi Oromoof guyyaa addaati. Ayyaana hawwii guddaadhaan eeggatuufi waggaatti si'a tokko bal'inaan itti walargudha. Kanaaf keessumaa daldaltoonni nyaata, dhugaatiifi uffata aadaa qopheessan yoomirrayyuu niko'ammatu. Nutis namoota daldala bunaafi ciree akkasumas, nyaata aadaarratti hirmaatan qophiisaaniirratti yaadasaanii gabaabaa fudhanneerra.

Aadde Meetti Abdiisaa haadha qabeenyaa 'Mijuu Coffee' yoo taatu, Finfinnee naannawa Birbira Gooroo gamoo Yaadannoo Adwaa jalatti, akkasumas Biheeraawwiitti bunaafi ciree dhiheessiti. Guyyaa Irreechaas namoonni kallattii garagaraarraa dhufan ciree nyaatanii buna akka



dhuganiif yeroo kaan caalaatti qophii taasisuudha Gaazexaa Bariisaatti kan himte.

Guyyicha tajaajilli kennamu kan yeroo biraalle waan dabaluu keessummoonni tajaajilamuuf dhufan akka hinrakkanneef hamma dur qopheessan caalaatti dabalani qopheessuu ibsitee, Irreechi aadaafi eenyummaa ta'uurra darbee madda dinagdeellee ta'aa jiraachuusaatiin hawwiidhaan kan eegamu ta'uu dubbatti.

Aadde Qanani Malaakuu ammoo Finfinnee, Naannawa Jamooti haadha qabeenyaa Mana Nyaataa Aadaa Oromoo Dirribeeti. Isaanis Ayyaana Irreechaatiif keessummoota



nyaata aadaan simachuuf waan hunda baay'inaan qopheessuu himanii, nyaatawwan aadaa godinaalee addaddaatti beekaman qopheessuun keessummoota simachuu eegaluu ibsu.

Guyyaan Irreechaa gama hundaan ummata Oromoo biratti hawwiidhaan kan eegamu ta'uu kaasanii, ayyaana aadaa ofii qofa calaqisiisanii galan osoo hintaane madda dinagdee namoota baay'ee ta'aa dhufuusaa dubbatu.

Haaluma walfakkaatuun Finfinneetti hundeessituun Mana Nyaataa Aadaa Oromoo Muluu, Ayyaantuufi Hiriyootansaani Aadde Muluu Baacaa akka ibsanitti, Oromoon nyaata aadaa lakkaa'amee hindhumne qaba.



Manni Nyaataasaanii Kutaa Bulchiinsa Magaalaa Gullallee Naannawaa Abbaa Diinaatti akaakuuwwan nyaatawwan aadaa garagaraa ajajaan hojjechaa jiraachuu himanii; akkuma baranaa agarsiisa ayyaana Irreechaa bara darbe qophaa'erratti nyaata qopheessuu ibsu.

Nyaatawwan aadaa kunneen beeksisuun gabaadhaaf akka oolaniif miidiyaaleen hojii beeksisaa hojjechuu akka qaban Aadde Muluun dhaamaniiru.

Qarreefi Qeerroo

“Milkaa’inaaf qarshii qofa osoo hintaane qalbiifi mul’atatu barbaachisa”

- Dargaggoo Musliim Naasir, abbaa warshaa nyaata beeyiladaa

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Dargaaggoo Musliim Naasir dhalatee kan guddate Godina Iluu Abbaa Booraatti yommuu ta’u, dura taa’aa Waldaa Warshaa Nyaata Beeyiladaa Musliimiifi Soofiyaa; kan Bulchiinsa Magaalaa Shaggar, Kutaa Magaalaa Galaan Guddaatti argamuuti. Warshaan kun miseensota nama shan of jalaa qaba. Dargaggootni kunneen qarshii xiqqaan mul’ata guddaa qabatanii gara hojiitti seenuun har’a sadarkaa fakkeenyummaan eeramuurra ga’aniiru.

Warshaa nyaata beeyiladaa dhaabuuf maaltu isaan kakaase?

Dargaggoo Musliimiifi hiriyootnisaa lama carraa barnootaa argachuun Chaayinaatti barnootasaanii digrii jalqabaa xumuran. Dargaggootni kunneen akkuma dargaggoota biroo carraa barnootaa argataniin waraqa ragaa digrii ibsu fudhatanii gara biyyaatti deebi’uu osoo hintaane muuxannoo jireenya Chaayinaa qooddachu akka ta’e Dargaggoo Musliim ni ibsa. Chaayinaatti dargaggeessi taa’ee hoji dhabaatti hinlakkaa’amu; carraa hojii uumuufi intarpiriinara ta’uun dargaggoota gidduutti dorgommii isa cimaadha. Hojii tuffachuura hojii xiqqaan ka’anii kalaqa gabbisuun gara guddaatti ce’uun muuxannoo dargaggoota Chaayinaa bal’inaan ibsuudha.

Itoophiyaatti kan baramaafi aadeffame dandeettii kalaqaafi ogummaa gabbifachuun hojii uummachuura carraa hojii uumameen waajjira mootummaa yookiin dhuunfaa seenanii hojjechuudha. Kun milkaa’uu baannaan hojidhabaatti lakkaa’amuuf of qopheessuudha. Dargaggoo Musliimiifi hiriyootnisaa garaagarummaa Chaayinootaafi Itoophiyaanota gidduu jiru hubachuun osuma barnootarra jiranii yaadni hojii uumu dhufee.

Jalqabatti damee hojii kamirratti bobba’uuf karoorsan?

Akka Dargaggoo Musliim jedhutti, biyya Chaayinaatti nyaatni gatii gadaanaafi namni kamuu salphaatti soorachuu danda’u foon lukkuuti. Faallaa kanaan Itoophiyaatti maqaas ta’e gatii guddaa kan qabu foon lukkuuti. Bu’uuruma kanaan erga barnoota xumuranii booda gara biyyaatti deebi’uun horsiisa lukkuurratti bobba’uuf waliigalan. Haa ta’u malee, wayita dhufanii namoota horsiisa lukkuurratti bobba’an haasofsiisan rakkoo guddaan akkuma biyyaattuu horsiisa lukkuu hudhee jiru hanqina nyaata lukkuuti.

Dhugumaan biyya nyaata beeyiladaa mitii wabii midhaan nyaataa gama hundaanuu mirkaneessuuf qilleensaafi dachee mijataa qabdu keessatti hanqinni nyaata beeyiladaa rakkoo adda duree ta’uun sektara qonnaarraa yeroowwan garagaraa ni ibsama. Bu’uuruma kanaan Dargaggoo Musliimiifi hiriyootnisaa lukkuu dura nyaatni lukkuu murteessaa ta’uu hubatanii nyaata lukkuu qofa osoo hintaane warshaa nyaata beeyiladaa omishu dhaabuuf waliigalan.

Mul’atasaanii gufachiisuuf rakkoolee turan



Dargaggoo Musliim Naasir

Chaayinaatti dargaggeessi taa’ee hoji dhabaatti hinlakkaa’amu; carraa hojii uumuufi intarpiriinara ta’uun dargaggoota gidduutti dorgommii isa cimaadha

Dargaggootni kunneen ogummaafi muuxannoora kan darbe qarshiin Chaayinaadhaa qabatanii dhufan waan hinjirreef qarshiin warshaa nyaata beeyiladaa ittiin ijaaran rakkoo ulfaataafi ijibbaachisaa ture. Sodaa, dhabiiinsa maallaqaa hawwiifi mul’ataa bal’aa qabatan ni laamshessa jedhuun jalqabatti dhukkubbii mataa itti ta’ee ture. Jalqabatti qarshii Dargaggoo Musliimiifi hiriyootnisaa of harkaa qaban qarshii miliyoona lama qofa yommuu ta’u, warshaa nyaata beeyiladaa yaadan dhaabuuf garuu yoo xiqqaate qarshii miliyoona 12fi isaa ol akka barbaachisu dargaggootni kunneen dubbateera. Abbootii qabeenyaa biyya keessaafi alaaf mul’ata qabatanii ka’an kana ibsuu yaalanis akka yaadanitti qarshii maashina bitu yookiin maashina jedhan argachuu hindandeenye.

Waan mul’atni gaariin hinmaseenneef kaayyoon mootummaafi mul’atnisaanii walsimaa ta’uu kan hubate mootummaan dargaggoota kunneen sagantaa paakeejii deeggarsaa dargaggootaatiin akka



fayyadaman haala mijeesseef. Mul’ata milkaa’aa kanatti kan gammade Baankiin Misooma Itoophiyaa dargaggootni kunneen karaa faayinaansi liizii akka meeshaa argatan taasiseera. Mul’atasaanii fiixaan baasuuf maashinni qofti gahaa waan hintaaneef lafti warshaan irra dhaabbamu argachuun ammoo qormaata biroo ture. Haa ta’u malee, mul’atasaanitti kan gammade Bulchiinsi Kutaa Magaalaa Galaan Guddaa bu’uuruma gaaffiisaaniin yeroo gabaabaa keessatti bakka hojii qopheessuufi Dargaggoo Musliim ibseera.

Haala amma irra jiran

Ammaan tana warshaan kun nyaata lukkuu qofa osoo hintaane kan beeyiladoota biroos dhiyeessuurratti argama. Fedhiin nyaata beeyiladaaf jiru daran olaanaa waan ta’eef warshaasaanii qofaan kan guutamu miti. Bu’aqabeessummaan damichaas daran olaanaa waan ta’eef damee abbootii qabeenyaa biroos barbaaduudha. Boqqolloo dabalatee nyaatni beeyiladaa akaakuuwwann midhaanii sagal walitti makamu keessaa saddeet kan argamu biyya keenyatti. Vaayitaaminii piriimiksii jedhamu qofatu biyya alaati gaha. Warri vaayitamiinii kana alaa galchanis gatii dachaan dabalaniin waan itti gurguraniif isa qofatu rakkisaadha. Nyaata beeyiladootaa kana gatii madaalawaan daldaltoota jumlaatiif dhiyeessaa jiru. Kanneen fudhachuuf fedhii qaban biroofis dhiyeessuuf qophiidha.

Mul’atnisaanii gara fuulduraa hoo maali?

Erga warshaa nyaata beeyiladaa dhaabaniin mul’atasaanii ganamaa dhugoomsuun dirqama waan ta’eef horsiisa lukkuu finiinsuun foon lukkuu biyya keessaafi alatti bal’inaan dhiyeessuuf qophiirratti argamu. Dargaggoo Musliim yaaliif re’oota qalma muraasa horsiisuu eegaluu bu’aqabeessummaansaa olaanaa waan ta’eef lukkuu cinatti hojii horsiisa re’ee akka ittifufan eereera. Hundaa ol, nyaata beeyiladootaa cinatti nyaata namaa omishuuf karoora akka qabanis ibseera. Warshaan kun erga hundaa’ee yeroo gabaabaa ta’us sadarkaa amma jirutti namoota sagaliif carraa hojii uumeera. Fuuldurattis wayita humnasaa guutuun hojii eegalu namoota hedduuf carraa ni

uuma. Namootni carraan hojii uumameefis jireenyasaanii fooyyeffachaa akka jiran dubbataniiru.

Dargaggoo Akliluu Siyyum Akliluu maanaajara warshichaa yoo ta’u, dargaggootni gurmaa’anii warshicha hundeessan mul’ata guddaa qabaachuu dubbata. Warshaan kun namoota ciccimoofi kutatoodhaan waan hundeeffameef hojjetaa keessaa qofa osoo hintaane bakka bu’oota nyaata beeyiladootaa raabsan hedduufis carraa hojii uumu danda’eera. Obbolummaa, walkabajuufi waljaallachuun hojjetoota gidduu jiru akka hojii jaalatanii hojjetan nama kakaasa. Ammaan tana qarshii guddaa kaffalamuufin mindeeffamee hojjetaa jiraatus fuulduratti muuxannoo hojii uumu Dargaggoo Musliimfaarraa qooddateera. Kaayyoonsaa mindeeffamanii jireenya gaggeessuurra hojii uumuun bu’aa guddaa akka qabu waan hubateef gara hojii uumuutti ce’uu dubbateera.

Hojjettuu biroon warshichaa Shamarree Rahaa Awwal yommuu taatu mindeeffamtuu warshichaa ta’uun guyyaa hojjechaa maallaqa argattuun halkan kolleejiitti barachaa jiraachuu dubbatti. Ilaalcha hundeesitoonni warshichaa namaaf qabaniifi tumsa hawaasaa naannawaaf taasisanirraa kan ka’e hojjetaa birattis ta’e hawaasa birratti kabajni hundeesitoonni warshichaa qaban guddaadha. Isheef ammoo warshichi jireenya guyyaa bira darbee egeereshee barnootaan akka qajeelfattuuf gaachana ta’uufi himti. Muuxannoo argataa jirtuunis fuulduratti hojii mataashee uummachuuf daran ishee onnachiiseera.

Walumaagalatti bara dargaggootni hedduun ilaalcha “Hojiin hinjiru” jechuun hojii malee taa’an kanatti, warri qalbiifi ogummaa qabanitti fayyadamuun qarshii xiqqaan ofirra darbuun namoota biroofuu gaachana ta’an jiraachuun hubatamuu qaba.

Akkuma, “Qarshiin ganama dhuma qalbiin galgala dhufa” jedhamu san taa’anii humna dargaggummaa ganamaatiin qisaasessuurra mul’ata qaban sakatta’anii hojiirra oochuun barbaachisaadha. Kana ta’uu baannaan dubbiin “Eegeefi gaabbiin booda dhufa” jedhu mammaaksa yeroo dullumaa malee milkaa’ina ganama manca’e bakkatti deebisuu hindanda’u.

“Ogummaan qabutti fayyadamee...”

malee wanti duubatti deebisu hinjiru. Miidhagina kana ammoo ogummaan qabutti fayyadamee caalaatti akka beekamuuf nan hojjedha. Kanaafis nama aartii ta'uunkoo daran waan na gargaaru natti fakkaata. Artistiin kennaa wantoota haala addaan ilaaluufi ibsuu waan qabuuf” jedha.

Irreecha kabajuun jaalalliifi miirrisaa tokko ta'us, fagoo Ameerikaa taa'anii kabajuufi bakkasaa isa asliti (original) ta'eetti argamanii kabajuun addaddummaa akka qabu kaasee, fakkeenyaaf ummanni miliyoonotaan ba'ee haala miidhagaadhaan uffatee, fuulasaarratti mufiifi nuffiin tokko osoo hinmul'atiin yommuu kabajuu arguun kan danda'amu Irreecha Oromiyaatti kabajamurratti ta'uu hima.

Kunis daran miira namaa akka gammachiisuuf imimmaan gammachuullee akka nama hudhu ibsa. Isa kana yommuu Ameerikaatti kabajan akka hinagarre kaasa. Kunis hammam Irreechi aadaarra darbee duudhaa ummattichaa akka ta'ellee kan ittiin hubatanidha jedha.

“Ani kana dursa waa'ee Irreechaarratti fakkiidhaan waa baay'een hojjetaa ture. Fakkii (Painting) Irreechaa beekamaa kaaseen qaba. Akkasumas, yeroo Irreecha bara 2009, mucaan Siifan jedhamtu dhidhiitamtee duute ilaalchisuun sirba hojjedheen ture. Ittiin badhaafameera. Sirbichi mucayyoon sun nagaadhaan irreeffachuuf Amboo baatee, akkamiin

miidhagdee deemtee dhumarratti akka duute kan ibsudha. Dambaliwwan raadiyoo Ameerikaatti argamanittis daran dhaggeeffatama” jedha.

Ayyaana akkas miidhagu kana mootummaan xiyyeeffannaa itti kennuun keessumaa diyaaspoora dhaloonni lammaffaa gara biyyaanaa akka dhufan haalota mijeessuun waan gaarii ta'uu kaasee, faayidaansaas ayyaanicharratti hirmaachuura darbee hojilee qabatamaan biyyattiitti hojjetamaa jiran ilaalu kan dandeesisu ta'uu ibsa.

Innis akka dhuunfaatti ayyaanichaan ala hojilee misoomaa Finfinnee hanga wallaaluutti isa geesisan hojjetamuu eeree, ta'us hojiin kominikeeshiniiratti hojjetame laafaa waan ta'eef namoonni hamma barbaadamu akka beekan akka hintaasifamne dubbata.

Kanarratti hanqina jiru mootummaa waliin ta'uun sirreessuuf hojjechuuf qophii ta'uufi kanumallee mootummaaf ibsuu hima. Keessumaa hojii biraandiingiiratti ogummaasaa fayyadamee hubannoo uumuufi miidiyaa hawaasummaarrattis hojii giraafiksii fayyadamuun mul'isuu akka barbaadu kaasa.

Akka waliigalaatti, ayyaanni Irreechaas ta'u, haalli biyyattiin irra jirtu abdiin kan namatti horuu ta'uu kaasee, hawaasnis jijjiirama jiru kana ofitti fudhatee kunuunsuun hanqinni jiru waliin akka furamuuf hojjechuu akka qabu dhaama.

Oromiyaatti holqawwan...

xiyyeeffannoo kennuun hojjetamaa jira jedhanii; guyyaa turiizimii addunyaa sababeeffachuudhaan biirichi qabeenyawwan kunneen beeksisuuf ragaalee barbaachisan qindeesseera. Saambee bakka weerartoonni Xaaliyaanii itti injifatan dabalatee bakkeewwan seena qabeeyyii hedduu misoomsuun turiizimiidhaaf banaa akka ta'an taasifamaa jiras jedhaniiru.

Kallattii Lixaatinis turiizimii bunaafi bosonaarratti xiyyeeffannoon hojjetamaa

jira jedhanii; Naannoo Beniishaangul Gumuz waliin walta'uun hojjetamaa akka jirus dubbataniiru.

Aadaan daawwannaa hawaasaa yoo hinguddanne, turistootni alaas daawwannaadhaaf gara naannichaa dhufuu waan hin dandeenyeef, iddoowwan hawwata turiizimii bu'uuraalee misoomaa waliin babal'isuun faayidaa kan qabu ta'uu himanii; aadaa daawwannaa hawaasaa dabaluuufis biirichi hojjechaa jira jedhaniiru.

Hantuunni dhibee...

vaayirasiin TB hinjiraanne garuu takka fuunfatee osoo irra hinturiin (osoo qeensa hinhaadhiin) dafee bira darba jedhu qindeessichi.

Finfinneetti namoonni meeshaa teknolojiin sakatta'amanii laabiraatoriin dhibee TBirraa bilisa jedhaman hedduun irradeebiin hantuutichaan sakatta'amuun dhibichi keessasaaniitti waan argameef akka qoricha jalqaban taasifamuus eeraniiru.

Akka ibsasaaniitti, qorannaa TB laabiraatoriin taasifamuun olitti sakatta'iinsa hantuutonni kunniin taasisaniin namni tokko dhibichaan qabamuufi dhiisuunsaa salphumatti adda bahaa jira. Hantuutonni Appoopoo qorannoo TB Ahariiti gaggeessan kunniin lakkoofsaan torba yoo ta'an, hundisaanii gargaarsaan kan argaman ta'uufi tokko tokkoonsaanii yuuroo kuma shan nibaasu jedhu.

Hantuunni kunniin ji'oota sagaliif Taanzaaniyaatti erga leenjii gahaa fudhatanii qormaata darbanii booda hojiitti bobbahuu ibsaniiru.

Apooppoo jechuun Afaan Dach yoo ta'u, dhootuu farra dhala namaa sakatta'uun adda baasan jechuu ta'uus eeraniiru.

Hantuutonni Apooppoo kunniin namaan kan madaqan miidhaas kan hinqaqqabsiisne yoo ta'u; yeroo barbaadametti kutaa laabiraatorii keessa hojjetan keessaa bahuun oggaa harkaafi qaamota ogeeyyota fayyaarra socho'an mul'atu.

Imaammata dhibee ofii ogeessa ofiin jedhu Ahariin qabatee ka'een qorichoonni aadaa keenya kaleessa gatii dhabaa turan saayinsiin deeggaramanii tajaajilaaf akka oolan hojjetamaa jira.

Kanamalees hayyootaafi ogeeyyota qabutti fayyadamuun kalaqa meeshaalee yaala fayyaa babal'isuuf hojii hojjetamaa tureen jijjiiramni galmaahaa jiru jajjabeessaadha.

Yeroo ammaattis hantuutota Apooppooti fayyadamuun tajaajilli sakatta'insa dhibee TB gaggeeffamaa kan jiru yoo ta'u; Inistiitiyuutichi hawaasa fayyabuleessaafi omishaawaa ta'e horachuuf humna guutuun hojjetaa jiraachuusaatiif agarsiistuu guddaa ta'uus eeraniiru.

Dursanii qoratamuu amaleeffachuun dhukkuboota dursanii ittisuun akka danda'amu ibsame

Kutaa Qophiitiin

Finfinnee: Qorannaa fayyaa dursanii taasisuu amaleeffachuun dhukkuboonni daddarboofi daddarboo hintaane miidhaa osoo hingeessisiin ittisuun akka danda'amu dhaabbanni 'Raddaat Heelzi Keer' beeksise. Dhaabbatiichi torbanuma kana keessa hojjetoota Dhaabbata Piresii Itoophiyaaf (DhPI) tajaajila qorannoo fayyaa bilisaafi gorsa kenneera.

Sagantaa tajaajila tolaarratti Raawwachiistuu Hojii 'Raddaat Heelzi Keer' Aadde Misgaanaa Solomoon akka jedhanitti, dursanii qoratamurratti hubannoon hawaasa bira jiru gadaanaadha. Dhaabbannisaaniis kanuma hubachuun dursanii qoratamuufi dhukkuboota dursanii ittisuurratti xiyyeeffate hojjetaa jira.

Namoota hedduu biratti erga



Saari Barrihan Taaddasaa

Hojjetoonni DhPI wayita qorannoo fayyaa taasisanitti

dhukkuboota gara mana yaalaa deemu malee amaleeffannaan dursanii qoratamuu akka hinjirre kaasani, dhaabbatiichi kanarratti hubannoo uumuun osoo dhukkubni hinuumamiin dursanii ittisuurratti xiyyeeffate hojjetaa jiraachuu

dubbatu.

Kaayyooosaa milkeessuufis hojjetoota DhPI qorannoo fayyaa bilisaa koleestiroolii, sukkaara, dhiibbaa dhiigaafi hojjetoota dubartootaaf ammoo qorannoo kaansarii harmaa taasisuufi gorsa kennuu

ibsu. Tajaajila kanaan alattis namoota wal'aansii dabalataa barbaachisuuf gatii gadaanaadhaan tajaajila kennuufi kanas ji'oota ja'atti akka kanfalaniiif filannoo qopheessuu eeru.

DhPI Ittigaafatamtuun Kutaa Dhimmoota Damdaneessaa Aadde Biraanee Dammaqaa gamasaaniin, hojjetoonni dhaabbatiichaa yeroosaani caalu hojiiratti waan dabarsaniif dhaabbatiichi hojjettoonnisaa bakkuma jiranitti tajaajila wal'aansawwan addaddaa akka argataniif waggaa waggaa haalota akka miyeessu ibsu.

Qorannoon fayyaa bilisaa dhaabbata 'Raddaat Heelzi Keer' hojjetoota DhPI taasises baasii, yeroofi dhamaatii hojjetootaa hir'isuurra darbee, hojjetaan akka of beekuufi dhaabbatiichis hojjetoota fayyaa qabeessa akka qabaatu kan taasisuudha jedhu. Fuuldurrattis tajaajilli akkanaa cimee akka ittifufu eeru.

Siyaasni Oromoo waldhiibuurraa...

hammataa waan ta'eef saboota kaan wajjin jaalalaafi nagaan jiraataa jira. Oromoon mataasaarra darbee marii sadarkaa biyyaattuu yaadame milkeessuuf qooda leencaa taphachuutu irraa eegama.

Oromoon Abbootii Gadaa dhaageenyaan waliisaa dhaga'uun darbees mootummaa dhaga'uuf hinrakkatu jedhani; abbootiin Gadaa godinaalee garagaraa jiran walitti dhufuun nagaafi araari akka bu'uuf nuffii tokko malee hojjechuu akka qaban dhaamuun, isaanillee qoodasaanii ba'achuuf qophii ta'uu ibsaniiru.

Haaluma walfakkaatuun Abbaan Gadaa Gujii Lixaa Ebbisaa Badhaanee gamasaaniin, qoodni Abbootii Gadaa waaqa kadhachuu, eebbisuu, gorsuufi qajeelchuu ta'uu himanii; ammaan tana fooyya'uu nageenyaa

keessatti qoodni Abbootii Gadaa salphaa akka hintaane ibsaniiru.

Godina Shawaa Kaabaarraa Abbaan Muudaa Booranaa Hagar gamasaaniin akka jedhanitti, saba tokkoomutu waan hundaan milkaa'a waan ta'eef tokkummaan Oromoorra darbee sabaafi sablammootaaf daran murteessaadha.

Oromoo Sirna Gadaa dimokraatawaan waan buluuf saba akkaataa gaaffiin ittideebi'uufi waldhabbiin ittigoolabamu hunda caalaa beekudha. Waldhabbiin taatee uumamaa waan ta'eef yoomuu uumamuu mala. Haa ta'u malee, dhimmi cimaan Sirna Gadaarraa hubatamu waldhabbiin mudate osoo miidhaa hamaa hindhaqqabsiisiin mariin goolabuudha. Oromoon saba

yoo lubbuun tasa badeyyuu sirna Gumaatiin akkaataan ittixumuruu qabuudha.

Sirna Gadaa keessatti akkaataa gaaffiin ittika'uufi deebi'u dimokraatawaa jedhani; gaaffii humnaan kaasuunis ta'e deebisuuf yaaluun qajeeltoo Sirna Gadaa hinmadaalleefi badiisaa malee bu'uu hinqabne ta'uu eeru. Biyya kanatti wanti har'a qabatamaan mul'atu isuma kana ta'uus ibsaniiru.

Akka biyyaattis mariin biyyaalessaa yaadame carraa waggoota hedduu keessatti si'a tokku mudatu waan ta'eef sirnaan ittifayyadamuun barbaachisaa ta'uu himanii; hawaasni sadarkaan jirus milkaa'insaaf akka tumsu hubachiisaniiru.

Taayyee Atsqasillaasee...

aangoosaanii pirezidaantii haaraaf dabarsanii kennaniiru.

Pirezidaantii RFDI 5ffaa ta'uun kan muudaman Kabajamoo Pirezidaanti Taayyee Atsqasillaasee amanamummaafi ciminaan biyyaani hogganuuf miseensota mana marichaa fuuldurratti kaku seenaniiru.

Pirezidaantichi muudamaani booda karora waggaa mootummaa manneen marii lamaaniif dhiyeessaniiru. Dhummarrattis manneen kunniin qaboo yaa'ii bara hojii waggaa 3ffaa sagalee guutuudhaan raggaasisaniiru.

Ministirri Muummee Mootummaa RFDI Abiyi Ahmad (PhD) ergaa muudamicha ilaalchisuun dabarsaniin, "Kaayyoon jijjiiramichaa tokko sirna jabeessanii dhaabuudha. Hooggantoonni hojii ittigaafatamummaa seeraan ittikenname yeroo kennameef keessatti bahatu. Warri kaanimmoo dabareesaaniitiin isaaniin bakka bu'ani kaayyoo biyyaa walharkaa-fuudhiinsa dhalootaatiin galmaan gahu. Ijaarsi biyyaas kan milkaa'u haala akkanaatiin.

"Kabajamoo Saahilawarqi Zawudee waggoota jahan darbaniif Itoophiyaa pirezidaantummaadhaan tajaajilaniif maqaa Mootummaa Itoophiyaatiin galatakoon dhiyeessa.

"Gama biraatiin, har'a Pirezidaanti Itoophiyaa ta'uudhaan ittigaafatamummaa kan fudhatan Kabajamoo Taayyee Atsqasillaaseetiin ittigaafatamummaa biyyaafi ummataa haala olaanaadhaan bara itti tajaajilan akka ta'uuf hawwii gaarii qabu ibsa.

Erga Mootummaa RFDI hundaa'ee as Doktor Nagaasoo Gidaadaa, Obbo Girmaa Waldagiorgis, Doktor Mulaatuu Tashoomaafi Ambaasaaddar Saahilawarqi Zawudee biyyaani pirezidaantummaan hoggananiiru.

Irreechi baranaa waan baay'eedhaan...

Irreechaa barana haala adda ta'een kabajamee darbeera.

Kanas adda kan godhu baay'inni ummataa kan waggoota darbaniirra daran dabalusaati. Ayyaanni kun bifa nagaafi tasgabii qabuun akkasumas miidhaginaan akka kabajamuuf koreewwan addaddaa sadarkaa sadarkaadhaan ijaaramuun qophiin taasisamuu kaasani, kabaja ayyaanichaatiin duras hawaasa, dhaabbilee tajaajila turistiifi qaamolee dhimmichi ilaallatu waliin mariin taasisamuu himu.

Kanas hojii qooddachuun Komishiniin Turizimii Oromiyaa Magaalaa Bishooftuurratti abbootii qabeenyaa keessattuu akkaataa simannaa keessummootaa, tajaajila qulqulluufi saffisaa akka kennan akkasumas daballiin gatii akka hinjiraanneef marii taasisuu eeranii, bu'uuruma kanaan dhaabbilee biratti rakkooleen akkanaa utuu hincalaqqisiin ayyaanichi kabajamuu dubbatu. Inumaayyuu hoteelonni abbaa urjii shanii gatii tajaajilasaanii %20-40tti hir'isuun hirmaattotaaf tajaajila kennuu eeranii, rakkoon muraasni ture dhaabbileen tajaajila turistiifi jiraniifi baay'inni ummataa walsimuu dhabuutin namoonni bakka bultii dhabanii alatti dabarsuuf dirqamuu ibsu.

Gama biraatiin Irreecha baranaa adda kan taasisu waamicha Pirezidaantiin Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa taasisan bu'uureffachuun Diyaaspooraan Oromoo hedduun gara biyyaa kan dhufan yoo ta'u, isaaniifis tajaajilli walfakkaataan akka kennamuuf dhaabbileen garagaraa gatii hir'isani keessummeessuu eeru.

Darbees naamusni hirmaattota ayyaanichaa daran kan nama ajaa'ibu ta'uu kan himan Obbo Hundeen, waan Abbootiin Gadaa jedhan dhaga'uun namni utuu Abbaan Malkaa, malkaa saaqee Abbootiin Gadaa hinirreeffatiin malkaa bu'ee irreeffate akka hinjirre eeraniiru.

Gama simannaa ummataatiinis kana dura inni ayyaana Irreechaa akka sodaatti ilaaluun dhaabbilee tajaajila kennan addaddaa cufee mana oolaa ture amma sirratee hunduu waan qabuun ummata simachuu kaasu.

Magaalaan Shaggaris karrawansaa shananiratti keessummoota gara Hora Finfinnee dhufaniif haala duudhaa Oromummaa calaqqisiisuun simateera; magaalaa Bishooftuu akkasuma jedhu.

Qindoominni qaamolee nageenyaafi siyaasaa ayyaanichi

nageenyaan akka kabajamuuf taasisan olaanaa ta'uu himanii, qindoominni qaamolee ayyaana kana kabajuuf ijaaraman kanneen akka foollee waliin tures milkaa'ina ayyaanichaa turuu eeru.

Dabalataan uwwisni miidiyaa biyya keessaafi alaa baranaa kan yeroo darbee akka caalu kan himan Obbo Hundeen; guyyaa ayyaanichaa qofa osoo hinta'ii dursanii xiyyeeffannaadhaan gabaasaafi ummataaf odeeffannoo walirraa hincinne kennaa turuun milkaa'ina ayyaanichaaf gumaachuu ibsu.

Irreecha horawwan guguddoo lamaan kana booda torbanoota ittaanan malkaawwan ulfoo jiraniitti Irreechi bakkeewwan addaddaati akka irreeffatamu himanii, kunis haaluma walfakkaatuun miidhaginaan akka kabajamuuf dhimmantoonni sadarkaan jiran hojjechaa jiraachuu kaasu.

Dhaloonni ammaa waan aadaasaa jaalatuuf Irreechi sadarkaa addunyaattillee beekantii akka argatuuf duudhaasaa eegee kabajuu ittifufuu akka qabu dhaamani, hojii biiroonsaanii Irreechi hambaa addunyaa akka ta'uuf hojjetaa jiru hunduu akka tumsu gaafatu.

"Xiyyeeffannaa argachuu baannaan yakki saayibarii..."

hubachiisaniiru.

Guddinni teknoloojii faayidaa guddaa qabaatus yoo of eeggannoon fayyadamne miidhaa hammaataa qaqqabsiisuu akka danda'u lammiiileen beekani xiyyeeffannoo kennuu qabu jedhaniiru.

Fooramiin dinagdee addunyaa bara 2024 bahe akka ibsutti balaawwan addunyaa keenya qoran kan akka jijjiirama haala qilleensaa, odeeffannoo sobaa tamsaasuu, mankaraasummaa, qaala'insa jireenyaatti aanees haleellaan saayibarii sadarkaa 5ffaatti hudhaa addunyaa ta'uu Aadde Tigist eeraniiru.

Qormaatawwan addunyaan ittirakkataa jirtu keessaa haleellaan saayibarii daran hammaataa ta'uu dubbatanii, baranaas baatiin nageenya saayibarii mataduree, "Nageenyi bu'uraalee misoomaa ijoo walbummaa dijitaalaa" jedhuun ji'a tokkoof akka kabajamu beeksaniiru. Haleellaa saayibariin walqabatee kisaaraa biyyarra ga'u baraaruf dhaabbileen mootummaas ta'ee dhuunfaa xiyyeeffannaan irratti hojjechuu akka qabanis dhaamaniiru.

Hirmaattota waltijjichaa keessaa hundeesaan dhaabbata "IT Presidential" Mansuur Jamaal akka jedhetti, haleellaan saayibarii dinagdee mootummaafi dhuunfaas

haalaa miidhaa jira.

Miidhaa gama kanaan hawaa dinagdeefi siyaasa biyyaa miidhu kana qolachuuf sosochii Bulchiinsi Nageenya Odeeffannoo Itoophiyaa itti jiru dhaabbilee dhuunfaanis deeggaramuu akka qabu eereera.

Namoonni yakka saayibarii raawwatan fageenya maayilii dheeraarra taa'ani liinkiiwwan gara garaa maqaa dhaabbataafi namoota beekamoon bananii erguun odeeffannoo guuruufi saamicha qaqqabsiisaa jiraachuu hima. Yakki kun yeroorraa yerootti amalasaa jijjiirrachaa miidhaas qaqqabsiisaa jiraachuu eeree, hojiin hubannoo uumuu eegalame kun cimee ittifufuu akka qabu ibseera.



Mansuur Jamaal



BARIISAA



Tashoomaa Qadiidaatiin

Oromiyaafi sosochii kilaboota kibbaa miilaashii

Ispoortiiin kubbaa miilaa qaama bashannanaa hawaasni addunyaa marti ittiin waliigalu erga ta'ee oolee buleera. Jaalattoota ispoortii hedduu of duuba hiriirsuudhaanis kan ispoortii kubbaa miilaatiin gitu hanga yoonaa hinmul'anne. Ispoortiiin kun Ingilizitti eegalame jedhamuun dubbatamus yeroo gabaabaa keessatti ardiwwan adduunyaa maraa waliin gahuu danda'eera.

Itoophiyaanis biyyoota ispoortii kubbaa miilaa jaalatan keessaa takka ta'usheetiin ispoortichi gandaa kaasee hanga sadarkaa biyyaalessaatti caasaasaa diriirsuun waggaa waggaa naannoolee maratti haala gaariidhaan gaggeeffamaa jira.

Naannoolee ispoortii kubbaa miilaa kana gaggeessan keessaa Oromiyaan tokko yoo taatu kanuma ilaalchisuun Gaazexaan Bariisaa tibbana Ittigaafatamaa Waajjira Federeeshinii Kubbaa Miilaa Oromiyaa Obbo Firoomsaa Laggasaa haasofsisee ture.

Federeeshinichi hojiiwwan guguddaa akka Oromiyaatti hojjechaa jiru keessaa tokko dhimmoota dorgommii kubbaa miilaa wajjin walqabatan ta'uu eeranii, kilaboota yookiin gareewwan kubbaa miilaa sadarkaa godinaa, aanaa, magaalotaafi gandatti gadi bu'uudhaan abbootii qabeenyaafi dhaabbilee garagaraa, yunivarsiitiwwanitti kilaboota gurmeessuudhaan hojjechaa ture. Keessattuu waggoota afran kana bifa ammayyaa'aa ta'een hojiiwwan hojjetamaniin bu'aan gaariin argamuu kaasu.

Inni lammaffaan ogeessota leenjisuun geessisuu, yookiin ga'omsuu ta'uu eeranii, keessattuu murtee kennitoota, leenjistoota kubbaa miilaa, akkasumas ogeessota garagaraarratti hojiiin hojjetamaa turuu himu. Sadaffaan ammoo dhimma hubannoo yoo ta'uu, namni bakka jirutti waayee kubbaa miilaa beekke keessatti hirmaachuu akka danda'u kan gargaaru ta'uufi haala kanaan hawaasa, taphattoota, dursitoota gareefi miseensota hojii isaaniif leenjiin kennamuu dubbatu.

Affaan ammoo guddattootarratti hojjechuu ta'uu kan himan Obbo Firoomsaan, keessattuu gaafa kilabii tokko gurmeessan sadarkaa aanaa, ganda, yookiin abbootii qabeenyaatti guddattoota of jalatti hammachuun barbaachisaa akka ta'e yeroo yerootti ka'aa turuu eeru.

Kanumaan walqabatee kilaboonni pirojeektii dargaggootaa hojiiirra olchaa jiraachuufi kilaboonnis guddattoota keessaa hanga waggaa shanitti sadarkaa kaardii keelloodhaan jedhanii of jalatti hammatanii guddisaa akka deeman ibsu.

"Akkasumas, meeshaaleen kilabonni ittifayyadamanis akka pirojeektii kanaaf oolu ykn guddattootaafi dubartootaaf kennamu ta'a. Kilabiin tokko sadarkaa liigii Oromiyaatti gaafa hundaa'u, keessattuu garee dubartootaa akka qabaatuuf hojjetamaa jira. Hojiiin kunis



Obbo Firoomsaa Laggasaa

waggaa tokko haala gaariidhaan yoo ittiin hojjetamu waggaa biroo ammoo duubatti deebi'uutu mul'ata" jedhu.

Bara 2016 dorgommiiwwan gurguddoo lama gaggeessuu himanii, dorgommiiwwan kanneen keessatti hirmaannaan dubartootaa gadaanaa ta'uu ibsu. Keessattuu Tapha Guutuu Oromiyaa, Magaalaa Jimmaatti akka naannootti gaggeeffamerratti dubartootaan magaalota sadii, kan manneen barnootaa gareewwan sadii qofti hirmaachuu dubbatu.

Kanarratti hojii guddaa hojjechuun federeshinicharraa akka eegamuufi karoorra bara 2017ttiis xiyyeeffannaan addaa akka ittikenname eeru.

Akka ibsa ittigaafatamaa kanaatti, bajataan walqabatee yeroo adda addaa rakkoolee kilaboonni kaasan nijira. Kanaan walqabatee abbootiin kilabotaa hedduun "hanqina faayinaansii qabna" jechuu malee humna qabaniin qabeenya isaanii duguganii ittifayyadamuu hinbarbaadan. Maallaqni kaaznaa mootummaa keessaa bahu akka qabu amanu malee ofisaaniitiin maddawwan galiwwanii biroo hinbarbaadan.

"Imaammanni ispoortii kubbaa miilaa akka jedhutti, kilaboonni kan hundaa'an mootummaadhaan osoo hintaanee hawaasani. Hawaasni kubbaa miilaa babal'isuu keessatti iddoo olaanaa qaba; misoomsuu keessattis hirmaachuufi isarraas fayyadamaa ta'uu qaba jedha. Haata'u malee kilaboonni mana qopheessaa qofarratti waan xiyyeeffataniif rakkoo bajataa kaasaa turaniiru. Rakkoon qindeessuus isaanirraa calaqqisaa jira" jedhu. Akkasumas sadarkaan caasaa kubbaa miilaa naannichaayyuu rakkoo

kilaboonni waggaaadhaa gara waggaaatti harca'aa jiraachuu eeru. Barana 'Suppar liigii' keessaa kilaboonni shan kan gadi bu'an yoo ta'u, kun ammoo Federeeshinii Kubbaa Miilaa Oromiyaafi Biiroo Dargaggootaafi Ispoortii Oromiyaafi kufaatii guddaa ta'uufi kunis hordoffiifi gargaarsi karaa naannootiin jiru gadaanaa ta'uu kan agarsiisu ta'uu ittigaafatamtichi ni ibsu.

"Rakkinni guddaan biraan ammoo kilaba tokko liigii Oromiyaarraa gara liigii piriimeeritti guddisuuf bajata guddaa barbaada. Inniyyuu sadarkaa barbaadamerra kan ga'u waggaa shaniifi jaha booddeedha jechuudha. Akkasumas haaldureewwan kilaboota guddisuuf jiran daran ulfaataadha. Gadi bu'uuf garuu salphaadha; waggaa tokko keessatti gad deebi'u" jedhu.

Fakkeenyaaf liigii piriimeerii biyyaalessaa, suppar liigii keessatti kilaboonni Oromiyaa, Jimmaa Abbaa Bunaafi Abbaa Jifaar, Shaashamannee, Fincaawaa, Matahaaraa, Wanjii, Meettaa, Laga Xaafuu Laga Daadhii, Bulchinsa Magaalaa Sabbataafi Sulultaa kaasuun nidanda'ama jedhu Obbo Firoomsaan.

Kanaafis rakkoon hanqina bulchiinsa magaalotaa ta'uu himanii, kilaboonni boordiidhaan kan gaggeeffaman yoo ta'u, walitti qabaan boordichaa Kantiibaa yookiin kantiibaa ittaanaa, godinatti bulchaa yookiin bulchaa ittaanaa akkasumas aanaafi gandootatti bulchitoota yookiin bulchitoota ittaantoota ta'uu himu. Bajanni kan ramadamu boordii kanaan ta'uusaatiin akka barbaadanitti bajaticha baasanii ittifayyadamu waan hindandeenyeef maqaaf hunda'an malee waggaa tokko keessatti diigamu jedhu.

Akka Obbo Firoomsaan jedhanitti, caasaa kilabni tokko qabu Federeeshiniin Kubbaa Miilaa Oromiyaa hinqabu. Kilabni tokko humna namoota 23 qabaachu danda'a. Federeeshinichi garuu ittigaafatamaa dabalatee nama sadii qofaan socho'a. Naannoon Oromiyaa aanaalee 400, godinaalee 21, magaalota guguddoo 24 keessatti sochii taasisaa jira. Kanaaf caasaan kilabii tokkoo waajjira federeeshinichaa caala jechuudha. Ta'us caasichi carraa hojii namoota baay'eeff uume malee kubbaa miilaa naannichaa fooyyessuuf kan ta'e miti.

Kilaboonni Oromiyaa akka hoggansa yookiin abbaa hinqabneetti yeroo yeroodhaan guddachuurra quucaraa kan deeman kanaafi jedhu.

Yeroo kilaboonni rakkina kana keessa galan federeeshiniin keessan akkamiin fura gaaffii jedhuufis, "Kilaboonni sadarkaa biyyaalessaatti hirmaatan ittigaafatamni keenya Federeeshinii Kubbaa Miilaa Itoophiyaafi jedhu. Nuti guddisnee biraa deebina malee hariiroo kilaboota kanneen ittito'annu hinqabnu. Kanaafuu bu'uurri kilaboota Oromiyaa rakkisaadha" jedhu.

Suurri Daanyee Abarraatiin